# Mudhii Yohaannisitti Mudhatte

## Seensa

Wolde'ooti kiristaanaa Yesuus Kiristoos Goottaa ifii godhatanee waan itti dhugeeffataneef, yennaa miidha'aa fi rakkinni isaan geyiisatti jiru, mudhiin Yohaannisii barreeffante. Xiyyeeffannaan barreessa'aa guddoon, addiin worra dubbifatuu guutuu akka teetuuf, isaan jajjabeessiisaa fi miidha'aa fi rakkinna isaan geye keessatti dhugeeffanna'aan akka jabaatanu uttisiisa*.

Kutaan Kitaaba kanaa irra caalaa mudhii heddu'uu fi ta wol gula himantu ka qabateeru; mudhiin hedduun tunille ta wolde'i kiristaanaa hubatiisaa dande'anu, worra dhibi'iif ammoo dhossaa teetee ta turtu ta okol-gombisaan† ta dhiyaateertu. Akkuma itti deddeebiin faaru'uu itti deddeebi'antu mata dureen kitaaba kanaalle karaa mudhii adda addaatiin, bifa adda addaatiin itti deddeebi'iisaan dhiyaateerti. Marroo hiikkaa kitaaba kanaa yaadi adda addaa jiraatulle, yaadi guddaan ifa; yaadi kunille Waaqi karaa Goottaa Kiristoosiitiin diinota ifii duudii, Seexanalle, takkumaan guutuma guutu'utti hin injifata; yennaa injifachaan tun muummotte, worra isaa ka addatameef eebba ol-gubbaa haareyaatii fi lafa haareyaa hin dhaalchisa ta jettu.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa *1:1-8*

---

* : *Uttisiisa:* jajjabeessiisa

† : *Okol-gombisaan:* Dubbii woyiin fakkeessanee dubbatanu

Itti keyata Mudhi'iitii fi xalayaa wolde'oota kiristaanaa torbaaf ergame*1:9—3:22*
Kitaaba marama'aa fi chaappaa torba*4:1—8:1*
Tultullaa torba*8:2—11:19*
Jawwe'ee fi bineensa lamaan*12:1—13:18*
Mudhii adda addaa*14:1—15:8*
Muduunuu mufii Waaqaa torba*16:1-21*
Badii Baabilonii, injifatamiisa bineensaa, injifatamiisa raagaa dharichaatii fi Seexanaa*17:1—20:10*
Muraa muumme'ee*20:11-15*
Ol-gubbaa haareya, lafa haareya, Yerusaalemii haareya*21:1—22:5*
Yaada buufataa*22:6-21*

1 Mudhiin Yesuus Kiristoosii, ta akka inni waan
dafee te'uu qabu tajaajiltoota ifiititti mudhisuuf
Waaqi itti kenne tana; Yesuusille ergamaa
Waaqaa ergee tajaajilaa ifii Yohaannisitti waan
kana beessise.
2 Yohaannisille marroo Jecha Waaqaatii fi mar-
roo dhugaa baya Yesuusiitiif waan dhagge mara
dhugaa baye.
3 Barri waan dhiyaateeruuf, dubbii raagaa tana
nami dubbisu, worri dhage'uu fi worri waan
keessatti barreeffame eeggatu ka badhaadhe.

*Nageya Wolde'oota Kiristaanaa Torbaaf Ergame*

4 Ani Yohaannis, wolde'oota kiristaanaa torba
ka lafa Asiyaa keessa jirtanuuf:

Badhaadhii fi nageenni Waaqa amma jiru, ka
duri jiru, ka dhufu'uu jiru biraa, ayyaanota torba
ka barcumaa mootummaa isaa dura jiranu biraa,

5 Yesuus Kiristoosii dhugaa-bayaa addatamaa,
ka worra du'e keessaa angafa te'ee kaafamee fi
bulchaa mootota lafa tanaa te'e biralle'ee isiniif
te'u jedha.

Ka nu jaalatee cubbuu teenna jalaa dhiiga ifi-
itiin bilisa nu baasee,
6 Waaqa Abbaa isaa akka tajaajilluuf moo-
tumma'aa fi hayyoota ka nu godheef, ulfinnii fi
hunni bara baraa, haga bara baraa teetu! Ameen.
7 Kunoo, inni duumensaan dhufaara,

ilti marti isa hin dhaggiti;
worri isa woraaneeyyuu hin dhagga;
kolbaan lafa irraa marti sababa isaatiin hin bowan.

Ee! Akkasuma hin teeti. Ameen.
8 Waaqi Goottaan amma jiru, ka durille jiru, ka
dhufu, ka waan duudii dande'u, «Alfa'aa fi Omee-
gaan Ana» jedha; [akkasi jechuun ani ka duraatii
fi duubaati jechu'u].

### *Mudhii Kiristoosii*

9 Ani obboleessi keessan Yohaannis, ka waa'ela
keessan te'ee Yesuusiin rakkinna, mootumma'aa
fi ciniinnatanee ossiisa qoodame, marroo Jecha
Waaqaatii fi marroo dhugaa-bayiisa Yesuusiitiif
oddoola Phaaximoo jedhantu keessa jiraayyu.
10 Guyyaa Gootta'aa, ani Ayyaana Waaqaatiin
jiraayyu; qoonqoo guddoo ta akka tultulla'aa‡ ifi
duubatti dhage'e.
11 Qoonqoon sun, «Waan dhaggitu kitaaba
marama'atti barreessiitii, wolde'oota kiristaanaa
torba ka qachaa Efesoonii, ka qachaa Simiirnaa,

---

**1:6** Mudh. 5:10 **1:7** Mat. 24:30; Mar. 13:26; Luq. 21:27; 1 Tas. 4:17; Yoh. 19:34,37 ‡ **1:10** *Tultulla'aa:* Magalataa

ka qachaa Phergamoonii, ka qachaa Tiyaatiraa, ka qachaa Saardeesii, ka qachaa Filaadelfiya'aatii fi ka qachaa Laa'odiiqeya'aa keessa jiruuf ergi!» naan jette.

12 Anille qoonqoo natti dubbatiisatti jirtu ilaali-
isaaf ifi irra garagale; yennaa ifi irra garagale
waan issaan irra keyamu torba ka worqi'iin hu-
jame dhagge;
13 waan issaan irra keyamu odduulle'etti waan
ilma namaa fakkaatu tokko dhagge; inni uf-
fana dheeraa hirba bira gewu uffatee, hidhata
worqi'iitiin qoma ifii hidhateera.
14 Mata'aa fi rifeensi isaa adii akka rifeensa
hoolee adi'iitii fi adii akka dhakaa bokkeyaa ti; ilti
isaalle akka bobe'a ibiddaa fakkaatti.
15 Miilli isaa akka sageettuu dhiillee boolla ibid-
daa keessatti finiintee morodantee ittuu ti; qoon-
qoon isaalle akka shookkessa gootuu bisaanii ti.
16 Harka middichaan urjoota torba qabateera;
afaan isaa keessaa shallaagaa§ qara lamaa ka
qarametti baya; fuulli isaalle akka aduu orra'aa
ifa.
17 Yennaa isa dhagge akka nama du'ee te'ee
miila isaa jallatti jige. Inni ammoo harka ifii mid-
dicha ana irra keyee, «Hin sodaatin! Ka duraatii fi
duubaalle ana;
18 ani Jiraata'a; ani du'eeraayyu, amma ammoo
baraa haga bara baraa jiraadha; furtuun du'aa fi
balbala addee worri du'e jiru bantu harka kiyya
jirti.

§ **1:16** *Shallaagaa:* Shiifa dheeraa tokko. **1:17** Mudh. 2:8; 22:13

19 Maarre waan dhaggite, waan amma jiruu fi
waan kanaan duuba te'u barreessi.
20 Hiikkaan dhossaa urjoota torbaatii fi wonna
issaan irra keyamuu ka worqi'iin hujame torbaa,
ka ati harka kiyya middichatti dhaggitee kana:
Urjooti torba ergantoota Waaqaa ta wolde'oota
kiristaanaa torbaa ti; wonni issaan irra keyamu
ka worqi'iin hujame torba, wolde'oota kiristaana
torba.

# 2

## *Ergaa Wolde'a Efesooniitii Ergante*

1 «Ergamaa wolde'a kiristaana Efesooniitiif akkas
jedhii barreessi:

«Urjoota torba ka harka middichaan qabateeru,
waan issaan irra keyamu ka worqi'iin hujame
torbaanuu odduu ka deddeebi'u akkana jedha:
2 Hujii teeti, itti dadhabuu keetii fi ciniinnattee
ossatuu keeti beekeera. Worra hamaa cadhittee
akka ati hin lakkinne, worra ergantoota adoo hin
te'in ‹Nuuti ergantoota› ifiin jedhanu qortee ilaal-
tee sobaaleyyii akka te'ane akka dhaggitelle ani
hin beeka.
3 Ciniinnattee ossattee, maqaa kiyyaaf rakkinna
fudhattee, tana mara akka ati hin dadhabin ani
hin beeka.
4 «Te'uu malee, waan si ciicadhu* qaba;
sunilleen, jaalala duri qaddu lakkitteerta.
5 Yoona maan irraa akka jidde yaadadhu! Cub-
buu irraa deebi'iitii hujii duri hujju huji! Yoo
cubbuu irraa hin deebi'in, ani sitti dhufee waan
issaan keeti irra keyamu addee isaatii fuudha.

* **2:4** *Ciicadhu:* Boodhu

6 Ammoo waan dansaa kana qadda: Hujii Niqo-
laawotaa ta ani jibbu atille hin jibbita.
7 «Nami gurra qabu, waan Ayyaanni Waaqaa
wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uu ti!
Nami injifatu, muka jiruu kennu ka fichaa
Waaqaa† keessa jiru irraa akka nyaatu hin tolcha.

### *Ergaa Wolde'a Simiirna'aatii Ergante*

8 «Ergamaa wolde'a kiristaana Simiirnaatiif
akkas jedhii barreessi:

«Ka duraatii fi duuba, ka du'ee, deebi'ee jiraataa
te'e akkasi jedha:
9 Rakkinnaa fi hiyyummaa teeti hin beeka; te'uu
malee ati dureessa. Yihudoota adoo hin te'in
nuuti Yihudoota ifiin jedhaa worra maqaa keeti
balleessu ani hin beeka; isaan wolde'a Seexanaa
ti.
10 Rakkinna sitti dhufaaru hin sodaatin. Kunoo,
Seexanni isin haga ilaaliisaaf, isin keessaa garii
mana hidha'aatitti hin galcha; guyyaa kudhan hin
rakkatan. Haga du'aatitti ka addatante te'i; anille
kallacha jiru'uu si'iif hin kenna.
11 «Nami gurra qabu, waan Ayyaanni Waaqaa
wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uu
ti! Nami injifatu du'a lammeesso'ootiin hin
miidhamu.

### *Ergaa Wolde'a Phergamooniitii Ergante*

12 «Ergamaa wolde'a kiristaana Phergamooniitiif
akkasi jedhii barreessi:

«Ka shallaagaa qara lamaa, ka qarame qabu
akkas jedha:

---

† **2:7** *Fichaa Waaqaa:* jannata **2:7** Mudh. 22:2 **2:8** Mudh. 1:17; 22:13 **2:11** Mudh. 20:14; 21:8

13 Addee barcumaan mootummaa Seexanaa
jiru akka ati leetu ani hin beeka; te'uu malee
maqaa kiyya jabeessitee qabatteerta. Bara
dhugaa-bayaan addatamaan kiyya Antiiphaas
qachaa keessan ka Seexanni keessa le'u keessatti
ijjeefamelle, dhugeeffannaa na irratti qaddu hin
mormanne.
14 «Te'uu malee waan si irratti ciicadhu waan
diqqaa qaba: Ijoolleen Israa'elii sagalee waan
Waaqa hin te'iniif woreegante akka nyaattuu fi
akka sagaagaltu gufuu dura keyiisaaf, barsiisa
Bala'aamii ka Baalaaq barsiise worri hordofu isin
keessa jira.
15 Akkasuma barsiisa worra Niqolaawotaa
worra hordofulle qadda.
16 Tanaaf cubbuu irraa deebi'i; yoo akkas hin
te'in, ani ariifadhee dhufee, shallaagaa afaan
kiyyaatiin isaan hin lola.
17 «Nami gurra qabu, waan Ayyaanni Waaqaa
wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uu ti!
Nama injifatuuf sagalee mannaa jedhantu ta
dhokatteertu hin kennaaf. Akkasuma dhakaa
adii ka maqaan haarenni irratti barreeffameeru,
ka nama fudhatu san malee eennulle hin beenne
hin kennaaf.

### *Ergaa Wolde'a Tiyaatira'aatii Ergante*

18 «Ergamaa wolde'a kiristaana Tiyaatira'aatiif
akkas jedhii barreessi:

«Ilmi Waaqaa, ka ilti isaa bobe'a ibiddaa
fakkaattu, ka miilli isaalle sageettuu dhiillee
morodante fakkaatu akkas jedha:
19 Hujii teeti, jaalala keeti, dhugeeffannaa teeti,
tajaajilaa fi ciniinnatee ossatuu keeti ani hin

beeka; akkasuma hujiin teeti ta qaraa ta ammaa
akka caaltu ani hin beeka.
20 «Te'uu malee waan si irratti ciicadhu qaba:
Dubartii Iizaabel jedhantu ta ifiin, ‹Ani raaddu'u›
jettu cadhittee itti lakkitteerta. Isiin barsiisa
ifiitiin akka tajaajiltooti tiyya sagaagaltuu‡ fi
sagalee waaqa dharaatiif woreegante akka
nyaattu dokonkorsiti.
21 Akka isiin cubbuu sagaagalumma'aa irraa
deebituuf yennaa isi'iif kenneeraayyu; isiin ammoo deebi'uu didatte.
22 Maarre ani akka isiin dhukkuffattee taqee
irra ciittu godha§, worri isii gaarayyeeffatulle hujii isi'ii hantuu irraa yoo hin deebi'in, ani rakkinna
guddaa itti fida.
23 Ijoollee* isi'iille hin ijjeesa; kanaan wolde'ooti
kiristaanaa duudiin, ka yaadaa namaatii fi gadhaa namaa qorqoru ana akka te'e hin hubatan.
Tokko tokkoo keessaniifuu akkuma hujii teessaniititti isiniif hin kenna.
24 «Tiyaatiraa keessatti, isin worra barsiisa isi'ii
hin hordofinii fi ‹Dhossaa guddoo Seexanaa› ta
jedhante worra hin baratin hattaneen ammoo,
waan jedhu: Ba'aa dhibii isin irratti hin fe'u;
25 haga ani dhufutti woma qaddanu san
jabeessa'aa qabadha'a.
26-27 Akkuma ani abbaa kiyya biraa baallii fudhadhe, nama injifatuu fi nama hujii tiyya haga
muumme'eetitti hujuuf, gosa mara irratti baallii
hin kennaaf; innille, ulee bokku'uu ta sibiilaatiin

---

‡ **2:20** *Sagaagaltuu:* Ofattuu Taqee dhibe'eetitti isii qolaansa

§ **2:22** *Taqee irra ciittu godha:*

* **2:23** *Ijoollee:* Hordofattoota

gosa san hin bulcha; akka okkotee faaraalle isaan
caccassee butucha.
28 Bakkalcha bari'iille ani isaaf hin kenna.
29 «Nami gurra qabu waan Ayyaanni Waaqaa
wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uu ti!» ta
jettu.

# 3

## *Ergaa Wolde'a Sardeesiitii Ergante*

1 «Ergamaa wolde'a kiristaana Sardeesiitiif akkas
jedhii barreessi:

«Ayyaanota Waaqaa torbaa fi urjoota torba ka
harkatti qabateeru akkas jedha: Hujii teeti hin
beeka; maqa'aan hin jirta, ammoo duuteerta.
2 Maarre dammaqi! Waan hafe ka du'a geyeeru
jabeessi! Hujiin teeti Waaqa kiyya duratti guutuu
teeteertuun hin dhaggine.
3 Yoona, waan fudhattee fi waan dhageette
qaabadhu; ajajamiif, cubbuu irralle'ee deebi'i.
Yoo dammaquu dhadde ammoo akka hattu'uu
sitti dhufa; saatii tam akka ani sitti dhufulle hin
beettu.
4 Te'uu malee, qachaa Saardeesii keessa
namooti diqqaan ka woyaa ifii hin xureessin si
woliin jiran. Waan isaanii male waan te'eef, isaan
woyaa adii uffatanee na woliin hin ideeman.
5 Nami injifatulle akkuma isaanii woyaa adii
hin uffata; anille Abbaa kiyyaa fi ergantoota isaa
duratti dhugaa hin bayaaf; maqaa isaalle kitaaba
jiru'uu keessaa hin haqu.
6 «Nami gurra qabu, waan Ayyaanni Waaqaa
wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uu ti.

### *Ergaa Wolde'a Filaadelfiya'aatii Ergante*

7 «Ergamaa wolde'a kiristaana Filaadelfiya'aatii
akkasi jedhii barreessi:

«Woyyichaa fi dhugaamessa ka te'e, ka furtuu Daawitiille harkatti qabateeru, ka waan inni cufe eennulle banuu hin dandeenne, ka waan inni banelle eennulle cufuu hin dandeenne akkasi jedha:

8 Ani hujii teeti hin beeka. Akka ati hunna
diqqoo qaddu hin beeka; te'uu malee, dubbii
tiyya eeggateerta; maqaa kiyyalle hin mormanne.
Kunoo, balbala banante ta eennulle cufiisaaf hin
dandeenne si dura keyeera.
9 Worri Yihudoota adoo hin te'in nuuti Yihu-
doota ifiin jedhu, worri dharaameyyiin, worri
wolde'a Seexanaa te'e, gara keeti dhufee miila
keeti jalatti akka sagadu, akka ani si jaaladhelle
akka beekanu hin tolcha.
10 Ciniinnattee akka ossattuuf ajaja ani kenne
waan eeggatteef, anille saatii haga ilaalchaa, ta
worra lafa irra le'u haga ilaaliisaaf biyya lafaa
duudii irratti dhuttu irraa si eega.
11 «Ani ariifadhee hin dhufa. Eennulle kallacha
keeti akka hin fudhanne waan qaddu jabeessii
qabadhu.
12 Nama injifatu Galma Waaqa kiyyaa keessatti
utubaa tolcha; ijjumaa keessaa hin bawu. Maqaa
Waaqa kiyyaa, maqaa qachaa Waaqa kiyyaa
ka Yerusaalemii haareya Waaqa kiyya biraa ol-
gubba'aa gadi buutuu, maqaa kiyya haareyalle isa
irratti hin barreessa.
13 «Nami gurra qabu, waan Ayyaanni Waaqaa
wolde'oota kiristaanaatiin jedhu dhage'uu ti.

---

**3:12** 21:2

## *Ergaa Wolde'a Laa'odiiqeya'aatii Ergante*

14 «Ergamaa wolde'a kiristaana
Laa'odiiqeya'aatii akkas jedhii barreessi:

«Ka ‹Ameen› jedhamu, ka dhugaa-bayaa ad-
datama'aa fi dhugaamessa te'e, ka madda dada
Waaqaa te'e akkas jedha:
15 Ani hujii teeti hin beeka; ati o'aa yookiin
qabbanowa'aa moti. O'aa yookiin qabbanowaa
adoo teetee jiraate sila hin jaaladhaayyu.
16 Ati ammoo bulluqowa'a malee, o'aa yookiin
qabbanowaa waan hin te'iniif, afaan kiyya
keessaa si tufaara.
17 «Ati, ‹Ani dureessa, ani quufaleessa, womaa
naaf hin barbaachisu› jetta; ammoo, ati deegaa,
naasisaa*, hiyyeessa, balla'aa, fi nafa-qullaa akka
ka jirtu akka teete ifi hin beettu.
18 Maarre akka duroontuuf, worqii ibiddaan
qulqulloonte akka bitattu, nafi-qullaan fokkisiisu
akka hin mudhanneef woyaa adii akka bitattu,
dhaggiisaafille akka dandeettu qorsa ilatti buu-
fattu akka na irraa bitattu si gorsa.
19 Ani worra jaaladhu duudii hin xixa, hin
adaballe'e. Tanaaf jabaadhu, cubbuu irralle'ee
deebi'i.
20 Kunoo, ani balbala dura dhaabbadhee bal-
bala dhodhowa; eennulle qoonqoo tiyya dhage'ee
yoo balbala naaf bane, ani seenee isa woliin
nyaadha, innille na woliin nyaata.
21 Akkuma ani injiifadhee Abbaa kiyya woliin
barcumaa mootummaa isaa irra tee'e, nami in-

* **3:17** *Naasisaa:* Gaddisiisaa **3:19** Ibr. 12:6

jifatulle na woliin barcumaa mootummaa tiyyaa
irra akka tee'u hin tolcha.
22 «Nami gurra dhage'u qabu, waan Ayyaanni
Waaqaa wolde'oota kiristaanaatiin jedhu
dhage'uuti!» jedha.

# 4

## *Waaqonfannaa Ol-Gubba'aa*

1 Kanaan duuba ani ilaalee, ol-gubba'atti bal-
bala banante dhagge. Qoonqoon tanaan dura
akka tultulla'aa anaan dubbattuun ani dhage'e,
«Asi koy, waan kanaan duuba te'u ani sitti mud-
hisa!» jette.
2 Anille yoosuma Ayyaanaan jiraayyu;
kunoo, ol-gubba'atti barcumaan mootumma'aa
keyameera, barcumaa mootumma'aa san irra ka
tee'eerutti jira.
3 Ka barcumaa mootumma'aa irra tee'eeru
sunille, akka dhakoota Yaasiphisiitii fi Saardiyonii
ka gatiin guddo'oo, calaqqisee mudhata. Adaala
barcumaa mootumma'aa san hiituun Waaqaa ta
akka dhakaa gatiin guddo'oo ka Simaaragidos jed-
hamuu fakkaattu jirtiiyyu.
4 Adaala barcumaa mootumma'aa san, barcum-
aan mootumma'aa diddamii afur jiraayyu; isaan
san irralle maanguddoon diddamii afur woyaa
adii uffatanee, kallacha worqi'iin hujame keyata-
nee tetee'aneeraniiyyu.
5 Barcumaa mootumma'aa san keessaa ifi bal-
aqqeetti'ii, qoonqo'oo fi gikkeessi mandiisu'uu
baye. Barcumaa mootumma'aa san fuula duratti

ifi torba ifiisatti jiraayyu; isaan sunille Ayyaanota
Waaqaa torba.
6 Akkasuma, barcumaa mootumma'aa san fu-
ula dura abbaayaan daaw'iti'ii, qulqulluun cabbii
fakkaattu jirtiiyyu.

Oddu'uu fi adaala barcumaa mootumma'aa,
dadi lubbuu qaddu arfan ta duraa fi duubaan ila
hedduu qaddu jirtiiyyu.
7 Dadi lubbuu qaddu ta qaraa neenqa
fakkaatti; ta lammeesso'oo qotiyyoo fakkaatti;
ta sadeesso'oo fuula fuula namaa fakkaatu qaddi;
ta arfeesso'oo risaa koolaan ka'u fakkaatti.
8 Dadi lubbuu qaddu arfanuu koola jaan jaan
qaddi; keessaa fi gubbaalle'een ila hedduu qaddi.
Halkanii fi guyyaa adoo hafuura hin fudhatin,

«Goottaan Waaqi waan mara dande'u,
ka duri jiru, ka amma jiruu fi ka dhufu,
Woyyicha, Woyyicha, Woyyicha!» jedhaa faar-
fatti.

9 Yennaa dadi arfanuu, ka barcumaa moo-
tumma'aa irra te'eeruu fi ka haga bara baraa
jiraatuuf ulfinna, guddinna fi galata kennitu
maraa,
10 maanguddooti diddamii afur, ka barcumaa
mootumma'aa irra tee'eeru duratti jiganee, ka
haga bara baraa jiraataa te'e le'uuf sagadaarani-
iyyu; kallacha ifiille barcumaa mootumma'aa
dura keyanee,
11 «Ati waan mara waan daddeef,
isaaniille fedha keetiin waan dadamanee fi
waan jiraataneef,
Waaqa Goottaa keenna,

**4:5** Mudh. 8:5; 11:19; 16:18; 1:4

ulfinna, guddinnaa fi baallii fudhatuu qadda»
jedhiisatti jiraniiyyu.

# 5

## *Kitaaba Marama'aa Fi Hoolicha*

1 Achiin duuba ka barcumaa mootumma'aa irra
tee'eeru, kitaaba maramaa ka keessaa fi gubbaa
barreeffamee, chaappaa torbaan dhowameeru
harka middichaan qabateeruun dhagge.
2 Ergamaan Waaqaa jabaan tokko qoonqoo
guddo'oon, «Ka chaappaa irraa rigee* kitaaba
maramaa san banu'uu male eennu?» jedhaa lal-
labuun dhagge.
3 Te'uu malee ol-gubbaa keessa yookiin lafa irra,
lafaan jalalle, ka kitaaba maramaa san banee
keessa isaa ilaaluu dande'u tokkolle hin jiruuyyu.
4 Ka kitaaba maramaa san banee keessa isaa
ilaalu'uu male waan hin jirreef, ani laalleffadhee
bowe.
5 Achiin duuba maanguddoota keessaa
tokkochi, «Hin bowin! Kunoo, neenqi gosa
Yihuda'aa, sanyiin Daawitii injifateera; inni
kitaaba maramaa san baniisaa fi chaappaa
torbaanuu irraa rigiisaaf hin dande'a» naan
jedhe.
6 Achiin duuba, ka Hoolicha qalame fakkaatu
tokko, dada lubbuu qaddu afurii fi maangud-
dootaan naanneffamee, odduu barcumaa moo-
tumma'aa dhaabbateeruun dhagge. Hoolichi sun
gaafa torbaa fi ila torba qaba; isaaniille Ayyaan-
ota Waaqaa torba ka gara lafa duudi'ii ergamane.

* **5:2** *Rigee:* Balleessee, hiikee

7 Hoolichi sun dhufee, harka middicha ka bar-
cumaa mootumma'aa irra tee'eeru irraa kitaaba
maramaa san fuudhe.
8 Yennaa inni kitaaba maramaa san fuudhe,
dadi lubbuu qaddu afurii fi maanguddooti did-
damii afur Hoolicha san fuula duratti gad lafatti
jigane; tokkoon tokkoon isaanii waan daadimata
kolbaa Waaqaa te'e kiraara gudda'aa† fi girgiraa
worqi'iin hujame ka hixaanaan guutame qabata-
neeraniiyyu.
9 Isaan faaruu haareya faarfataa,

«Ati kitaaba maramaa san fudhatiisaaf,
chaappota irraa rigiisaafille ka malte;
sababille ati qalantee,
dhiiga keetiin gosa maraa keessaa, afaan maraa keessaa,
kolbaa maraa keessaa, sanyii nama maraa keessaa,
namoota Waaqaaf wodatteerta.
10 Waaqa keennaaf, akka isaan mootumma'aa fi
hayyoota te'anu gooteerta;
isaaniille lafa irratti hin mowan» jedhane.

11 Kanaan duuba ilaalee, qoonqoo ergantoota
heddu'uu dhage'e; laakkossi isaaniille kuma
heddu'uu fi miliyoona heddu'u. Isaan adaala
barcumaa mootumma'aa, adaala dada lubbuu
qadduutii fi maanguddootaa naannowaneeran.
12 Isaan qoonqoo guddo'oon,

«Hoolichi qalame sun,
baallii, durummaa, qarummaa, hunna,
ulfinna, guddinnaa fi
galata fudhatu'uu male» jedhanee faarsane.

---

† **5:8** *Kiraara gudda'aa:* Baganaa

13 Achiin duuba dadi ol-gubba'aa, ta lafa irraa,
ta laafaan jalaa, ta abbaayaa keessaatii fi ta isaan
mara keessa jirtu marti,
«Galanni, guddinni, ulfinnii fi baalliin,
ka barcumaa mootumma'aa irra tee'eeruu fi Hoolichaaf,
bara baraa haga bara baraa te'u» jedhaa faarfatanuun dhage'e.
14 Dadi lubbuu qaddu arfan, «Ameen!» jette;
maanguddootille gad jiddee sagadde.

# 6

*Chaappaa Torba*

1 Achiin duuba Hoolichi sun chaappaa torba
keessaa ka qaraa banuun dhagge; dada lubbuu
qaddu arfan keessalle'ee tokkochi qoonqoo akka
mandiisu'uutiin, «Koy!» jedhuun dhage'e.
2 Anille midhadhee, farda adii tokko dhagge;
ka farda san irra tee'eerulle guubee qabateera;
kallachi isaaf kennamee, innille akka mowataa
tokkoo mowatiisaaf gad baye.
3 Yennaa Hoolichi sun chaappaa lammeessoo
bane, dadi lubbuu qabu ka lammeesso'oo, «Koy!»
jedhuun dhage'e.
4 Achiin duuba fardi dhibiin diimaan ibiddi gad
baye; ka farda san irra tee'eerulle, akka nageya
lafa irraa balleessuu fi akka namooti wol qalanu
akka godhuuf baalliin kennanteef; shallaagaan
guddaalle kennameef.
5 Yennaa Hoolichi sun chaappaa sadeesso'oo
bane, dadi lubbuu qabu ka sadeesso'oo, «Koy!»
jedhuun dhage'e. Anille achi midhadhee
farda gurraacha tokko dhagge; ka farda san

irra tee'eeru waan ittiin madaalanu* harkatti
qabateera.
6 Qoonqoo dada lubbuu qaddu afur keessaa
baatu fakkaattu dhage'e; qoonqoon sun, «Qamadiin
waan ittiin safaranu diqqaa tokkocha te'u min-
daa hujii guyyaa tokkoo, garbuun waan ittiin
safaranu diqqaa sad te'u mindaa guyyaa tokkoo
te'uu ti! Ejersa zayiti'iitii fi muka woynii hin
balleessin» jettuun dhage'e.
7 Yennaa Hoolichi sun chaappaa arfeesso'oo
bane, dadi arfeesso'oo, «Koy!» jedhuun dhage'e.
8 Ani midhadhee, farda borora tokko dhagge; ka
farda san irra tee'eeru maqaan isaa, «Du'a» jed-
hama; mootummaan du'aalle duubaan isa hord-
ofiisatti jirtiiyyu. Du'aa fi mootummaan du'aa
shallaaga'aan, beelaan, bala'aa fi bineensota lafa
irraatiin akka ijjeesanuuf, lafa irratti harka afur
keessaa harka tokko baalliin isaaniif kennante.
9 Yennaa Hoolichi sun chaappaa shaneesso'oo
bane, lubbuu worra marroo Dubbii Waaqaatii fi
marroo dhugaa bayaneef qalamanee, addee ciin-
caan ciinceffamu jalatti dhagge.
10 Isaanille qoonqoo guddo'oon, «Goottaa Ol
Aana'a, woyyichaa fi dhugaamessa, worra lafa
tana irra le'u irratti murtee, dhiiga keenna nu'uuf
adoo hin baasin, haga yoomii turta?» jedhaa
iyyane.
11 Achiin duuba tokkoo tokkoofuu woyaan adiin
kennante; haga laakkossi tajaajiltoota isaaniif
lansaatii fi obboleeyyan isaanii, ka akkuma
isaanii ijjeefamanuu guutuu te'utti, haga diqqoo
akka ossatanu itti himame.

---

* **6:5** *Waan ittiin madaalanu:* Miizana

12 Hoolichi chaappaa jayeesso'oo banuun
dhagge. Tacho'i lafaa guddaan te'e; aduun akka
cile'ee gurraachotte; jiinille guutuma guutu'utti
akka dhiigaa diimate.
13 Akkuma midhaan harru'uu ka hin bilchaatin
qilleensa jaba'aan hargufamee harca'u, urjooti
gubba'aa gadi lafatti harcaate.
14 Gubbaan akka kitaaba marama'aa marantee
tarte; gaarotaa fi oddoolli duudiin addee ifii irraa
balleeffamane.
15 Kanaan duuba, moototi lafaa, bulchitooti, ab-
bootiin duulaa, dureeyyiin, hunnaameyyiin, gar-
bichaa fi ka garbicha hin te'in marti, godootaa fi
rassoota gaarotaa keessa dhokatane.
16 Gaarotaa fi rassootalle'een, «Nu irratti jiga'a,
ila ka barcumaa mootumma'aa irra tee'eeruutii fi
mufii Hoolichaa jalaa nu dhossa'a.
17 Guyyaan guddaan isaan mufatanu geyeera;
eentu dura dhaabbachuu dande'aa ree?» jed-
hane.

# 7

## *Kolbaan Israa'elii 144,000 Mallatteeffante*

1 Kanaan duuba ergantooti Waaqaa arfan, mog-
gaa lafaa arfanuu dhaabbatanee, akka lafatti
yookiin abbaaya'atti, yookiin muka kamille'etti
qilleensi hin dhoonne, qilleensa maddii arfanii
dhoogganuun dhagge.
2 Achiin duuba ergamaan Waaqaa ka dhibiin
ka chaappaa Waaqa jiraata'aa qabu gara aduun
baatuun dhufuun dhagge; innille, ergantoota

Waaqaa arfan, ta akka lafaa fi abbaayaa miid-
hanuuf baalliin isaanii kennanteen, qoonqoo ol
qabatee,
3 «Adda tajaajiltoota Waaqa keennaatitti haga
chaappaa dhoonnu, lafa yookiin abbaayaa,
yookiin mukoota hin miidhina'a» jedhee iyye.

4 Ani laakkossa worra chaappaan itti
dhowameelle dhage'e; worri gosa Israa'elii mara
keessaa chaappa'aan dhowame kuma dhibba
tokkoo fi kuma afurtamii afur.
5 Gosa Yihudaa keessaa kuma kudha lama, gosa
Ruubenii keessaa kuma kudha lama, gosa Gaadii
keessaa kuma kudha lama,
6 gosa Aseerii keessaa kuma kudha lama, gosa
Niftaalemii keessaa kuma kudha lama, gosa Mi-
naase'ee keessaa kuma kudha lama,
7 gosa Shimi'oonii keessaa kuma kudha lama,
gosa Lewwi'ii keessaa kuma kudha lama, gosa
Yisaakorii keessaa kuma kudha lama,
8 gosa Zebuloonii keessaa kuma kudha lama,
gosa Yoseef keessaa kuma kudha lama, gosa
Beniyaaminii keessaa kuma kudha lamatti chaap-
paan dhowame.

*Gumii Bindillaa*

9 Kanaan duuba gumiin bindillaan ta nami
tokkolle laakkowee hin dandeenne gosa biyya
adda addaa mara keessaa, gosa mara keessaa, kol-
baa maraa fi afaan adda addaa mara keessaa dh-
ufane dhaabbataneeranuun dhagge; isaan woyaa
adii uffatanee, baala meexxi'ii harkatti qabata-
nee, barcumaa mootumma'aatii fi Hoolichaa dura
dhaabbataneeraniiyyu.

10 Isaan qoonqoo guddo'oon, «Fayyinni Waaqa
keenna ka barcumaa mootumma'aa irra
tee'eeruu fi Hoolicha biraa dhaggama!» jedhanee
iyyane.
11 Ergantooti Waaqaa martinuu naannoo bar-
cumaa mootumma'aa, maanguddootii fi dadi lub-
buu qaddu arfan dhaabbataneeraniiyyu; bar-
cumaa mootummaa Waaqaa duratti addaan gad
gombifamanee Waaqaaf sagadanee,
12 «Ameen! Waaqa keennaaf leelloon, guddinni,
qaruun, galanni, ulfinni, hunnaa fi jabeenni bara
baraa haga bara baraa te'u! Ameen!» jedhane.
13 Achiin duuba maanguddoota keessaa
tokkochi, «Worri woyaa adii uffateeru kun eennu
fa'a? Eessaa dhufane?» jedhee na gaafate.
14 Anille, «Goottaa kiyya, si'ittuu beeka» jed-
heen. Innille, «Isaan worra rakkinna guddaa
keessaa bayanee dhufane; woyaa ifiille dhiiga
Hoolichaatiin dhiqatanee addeeffataneeran.
15 Tanaaf isaan barcumaa mootumma'aa ka
Waaqaa dura dhaabbatanee, halkanii fi guyyaa
Galma Waaqaa keessatti isa tajaajilan; ka bar-
cumaa mootumma'aa irra tee'eerulle dunkaanii
ifii isaan gubba'atti hin diriirsa.
16 Haganaa achi hin beelowanu; deebi'aneelle
hin dheebotanu, aduun isaan hin dhoottu, o'i fini-
inaalle isaan hin gubu.
17 Sababille, Hoolichi odduu barcumaa moo-
tumma'aa jiru tissee isaanii hin te'a; gara madda
bisaan jiru'uulle isaan hin geessa. Waaqille ila
isaanii irraa imimmaan mara hin haqa» anaan
jedhe.

**7:14** Mat. 24:21; Mar. 13:19

# 8

### *Chaappaan Torbeesso'oo Baname*

1 Yennaa Hoolichi chaappaa torbeesso'oo bane,
ol-gubba'atti gara daqiiqaa soddomaa cadheessi
te'e.
2 Achiin duuba ani ergantoota Waaqaa torba ta
Waaqa dura dhaabbattu dhagge; tultullaan tor-
balle isaaniif kenname.
3 Ergamaan Waaqaa ka dhibiille girgiraa
worqi'iin hujame qabatee dhufee, addee ciincaan
itti ciinceffamu bira dhaabbate; innille addee
ciincaan itti ciinceffamu ta worqi'iin hujantee
barcumaa mootummaa Waaqaa dura jirtu irratti,
daadimata worra Waaqaaf woyyoome maraa
woliin akka dhiyeessuuf, hixaanni bacaan itti
kenname.
4 Aarri hixaanaalle daadimata worra Waaqaaf
woyyoomee woliin harka ergamaa Waaqaa irraa
gara fuula Waaqaa ol ka'e.
5 Ergamaan Waaqaa sunille girgiraa san
harkatti qabatee ibidda ciinca'aa itti guutee
gad gara lafaa qolaanse; gikkeessi mandiisu'uu,
huuruun, balaqqeessi balaqqeetti'iitii fi tacho'i
lafaalle te'e.

### *Tultullaa Torba*

6 Achiin duuba ergantooti Waaqaa torba ta
tultullaa torba qabatteertu tultullaa afuufiisaaf
qophootte.
7 Ergamaan Waaqaa ka qaraa tultullaa ifii afu-
ufe. Dhakaan bokkeyaatii fi ibiddi dhiigaan
makame lafatti gad bu'ane; lattille harka sad
keessaa harki tokko gubatte; mukootille harka

sad keessaa harki tokko gubatane; marri bisileelle
martinuu gubate.
8 Ergamaan Waaqaa ka lammeesso'oolle
tultullaa ifii afuufe. Wonni akka gaara gudda'aa
fakkaatulle ibiddaan gubataa abbaaya'atti
qolaanfame; abbaayaan guddoolle harka sad
keessaa harki tokko dhiiga teete.
9 Dadi lubbuu qaddu ta abbaayaa keessa jirtu,
harka sad keessaa harki tokko duute; hobolooti
gugurddootille* harka sad keessaa harki tokko
muxuqqi jedhane.
10 Ergamaan Waaqaa ka sadeesso'oolle tultul-
laa ifii afuufe. Urjiin guddoon ta akka xassa'aa†
bobeettu lagoota harka sad keessaa harka tokkoo
fi maddoota bisaaniititti ol-gubbaa irraa buute.
11 Maqaan urjii saniille, «Hadheesso» jedhama.
Bisaanille harka sad keessaa harki tokko
hadhowaa te'e; bisaan hadhowaa waan te'eef
namooti hedduun du'ane.
12 Ergamaan Waaqaa ka arfeesso'oo tultullaa
ifii afuufe. Ifi isaanii harka sad keessaa harki
tokko akka dukkanowuuf, ka adu'uu harka sad
keessaa harki tokko, ka ji'aa harka sad keessaa
harki tokkoo fi ka urji'ii harka sad keessaa harki
tokko dhowame; ifi guyya'aa harka sad keessaa
harka tokko, ifi halkaniille harka sad keessaa
harka tokko ifa akka hin kennine dhooggame.
13 Achiin duuba midhadhee, risaan tokko
waaqa keessa koolaan ka'aa qoonqoo guddo'oon,
«Ergantooti Waaqaa sad ta hatte, waan tultullaa

* **8:9** *Hobolooti gugurdootille:* Markabootille † **8:10** *Xassa'aa:* Umeessaa

afuuttuuf, worra lafa irra le'uuf aanne'e! Aanne'e!
Aanne'e!» jedhaa iyyuun dhage'e.

# 9

1 Ergamaan Waaqaa ka shaneesso'oo tultullaa
afuufe. Ani urjii ol-gubbaa irraa gadi buuteertu
dhagge; urjii saniif furtuun boolla qile'ee ken-
nante.
2 Yennaa urjiin sun boolla qilee san bante, aarri
akka aara boolla ibiddaa guddaa keessaa bawu
fakkaatu keessaa baye. Aara boolla keessaa bay-
een, adu'uu fi qilleensi dukkanowane.
3 Aara san keessaa awwaannisooti bayanee
lafatti bu'ane; baalliin akka baallii makkaa* jirtu
kennanteef.
4 Isaan namoota adda ifii irratti chaappaa
Waaqaa hin qanne callaa malee, marra lafaa,
yookiin waan latee bisilee te'e mara, yookiin
muka akka hin miine itti himame.
5 Awwaannisootille ji'a shan callaa akka isaan
farrisiisanuuf malee, akka ijjeesanuuf baalliin
isaaniif hin kennanne; farri isaan farranu sunille
farra akka yennaa makki nama ciniine namatti
dhage'amuu ti.
6 Guyyoota san namooti du'a barbaadan, am-
moo hin dhaggatanu; du'iisaafille hin halchan,
duuti ammoo isaan duraa hin baqatti.
7 Awwaannisooti fardoo lolaaf qophootte
fakkaatan; mataa ifii irralle'etti waan akka
kallacha worqi'ii fakkaatu keyataneeran; fuulli
isaaniille fuula namaa fakkaata;

---

* **9:3** *Makka:* Gaadduu, qaajjibbuu

8 rifeensi isaanii akka rifeensa mataa dubarti'ii
fakkaata; ilkaan isaaniille ilkaan neenqaa
fakkaata.
9 Isaan qomoo, qomoo sibiilaa fakkaattu qaban;
qoonqoon koola isaaniille hididdeessa garreet-
tota lolaa ka fardo'oon harkifamanu heddu'uu, ka
gara lolaa gulufanuu fakkaatti.
10 Isaan akka makkaa eege'ee fi ilkattii qaban.
Hunni isaan ittiin namoota ji'a shan farrisiisan-
ulle eegee isaanii irra jirti.
11 Isaan mootii qaban; innille ergamaa boolla
qile'eeti; maqaan ergantichaa afaan Ibrootaatiin,
«Abadoon», afaan Giriikiitiin, «Apholiyon» jedhama;
akkas jechuulle, «Balleesso» jechu'u.
12 Aanneen qaraa dabarteerti; kunoo kanaan
duuba ammalle aanneen lama ta dhibiin hin
dhutti.
13 Ergamaan Waaqaa ka jayeesso'oo tultullaa ifii
afuufe. Gaafa arfan addee ciincaan itti ciincef-
famuu, ka worqi'iin hujamee fuula Waaqaa dura
jiruu irraa qoonqoon dhuttuun ani dhage'e.
14 Qoonqoon sunille ergamaa Waaqaa ka
tultullaa jayeesso'oo qabateeruun, «Ergantoota
Waaqaa arfan ta laga Efraaxiisii guddichaatitti
hidhamane hiiki!» jette.
15 Sanyii namaa harka sad keessaa harka tokko
akka ijjeesanuuf, saatii tanaaf, guyyaa kanaaf,
ji'aa kanaa fi woggaa kanaaf, ergantooti Waaqaa
arfan ta qophowaneeranu hiikamane.
16 Ani laakkossa loltoota fardaan loltuulle
dhage'e; laakkossi isaanii miliyoonii dhibba lama.
17 Fardo'oo fi worra fardoo san irra tee'eerulle
ani mudhi'iin dhagge. Isaan qomoo sibiilaa diin-
tuu akka ibiddaa, gurraattii akka baddeessa'aatii,

fi bifa bookaa fakkaattu qaban. Mataan far-
doo sanii mataa neenqaa fakkaata; afaan isaanii
keessalle'ee ibiddi, aarrii fi dhakaan bobe'u baya.
18 Balaa sadiin afaan fardo'oo keessaa bay-
een, jechuun ibiddaan, aaraa fi dhakaa bobe'uun
sanyiin namaa harka sad keessaa harki tokko ij-
jeefante.
19 Sababille hunni fardoo sanii afaanii fi eegee
isaanii keessa jirti; eegeen isaanii bofa fakkaatti;
isiille mataa waan qadduuf, isaan isi'iin kolbaa
miidhan.
20 Worri balaa kanaan hin du'in hafane
ammalle hujii harka ifii irraa hin deebine.
Isaan durriisota, akkasuma waaqota dharaa
ka worqii, meetii, sageettuu, mukaa fi dhakaa
irraa hujamane, ka dhagguu, yookiin dhage'uu,
yookiin ideemuu hin dandeenne waaqonfatiisa
hin lakkinne.
21 Isaan ijjeechaa, xanuu, sagaagaluu yookiin
hatuu irraa hin deebine.

# 10

## *Ergamaa Waaqaatii Fi Kitaaba Diqqicha*

1 Kanaan duuba ergamaan Waaqaa ka dhibiin
hunnaamessi ol-gubbaa irraa gadi bu'uun
dhagge. Inni duumensa maratee, mataa ifii irratti
hiituu Waaqaa qaba; fuulli isaa aduu fakkaata;
miilli isaalle utuboota ibiddaa fakkaata.
2 Inni Kitaaba maramaa diqqaa banameeru
harkatti qabateera; miila ifii middicha abbaayaa
irra, miila bitaacha lafa irra keyate;

3 qoonqoo guddoo ta akka neenqa dhangaa
dhowuutiin iyye. Yennaa inni iyye mandiisuun
torba qoonqoo ifii dhageessitte*.
4 Yennaa mandiisuun torba mandiite, ani bar-
reessiisaaf qophoweeraayyu; ol-gubbaa irraa am-
moo, «Waan mandiisuun torba dubbatte cufii
gadha'atti qabadhu malee, hin barreessin» qoon-
qoo jettu dhage'e.
5 Kanaan duuba ergamaa Waaqaa ka
abbaaya'aa fi lafa irra dhaabbateeruun dhagge
sun harka ifii middicha gara ol-gubba'aa ol kaase.
6 Innille maqaa Waaqa bara baraa haga bara
baraa jiraatuutiin, ka ol-gubba'aa fi waan isii
keessa jiru, ka lafaa fi waan isii keessa jiru, ka ab-
baaya'aa fi waan isii keessa jiru dadeetiin kakatee,
«Yoona hin turu!
7 Guyyoota ergamaan Waaqaa ka torbeesso'oo
tultullaa ifii afuufutti ammoo, akkuma inni
tajaajiltoota ifii raagotatti mudhisetti dhossaan
Waaqaa hin muummotti» jedhe.
8 Achiin duuba qoonqoon ani ol-gubbaa irraa
dhage'e tuun ammalle, «Dhaqiitii harka ergamaa
Waaqaa, ka abbaaya'aa fi lafa irra dhaabbateeru
irraa, Kitaaba diqqicha maramaa, ka banameeru
fudhadhu» jettee natti dubbatte.
9 Anille gara ergancticha Waaqaa dhaqee Ki-
taaba diqqicha maramaa san akka naaf kennu
gaafadhe; innille, «Fudhadhuu nyaadhu! Inni
afaan keeti keessatti akka dammaa hin mi'owa,
gadhaa keeti keessatti ammoo hin hadhowa»
naan jedhe.

* **10:3** *Dhageessitte:* Mandiite

10 Kitaaba diqqicha san harka ergamaa Waaqaa
irraa fuudhee nyaadhe; afaan kiyya keessatti
akka dammaa mi'owe; nyaadheen duuba ammoo
gadhaa kiyya keessatti hadhowe.
11 Achiin duuba, «Ati marroo kolbaa adda ad-
daa, marroo gosa biyya adda addaa, marroo afaan
adda addaatii fi marroo mootota adda addaa
raaga dubbatuu qadda» jedhamee natti himame.

# 11

*Dhugaa Baatota Lama*

1 Achiin duuba uleen ittiin mikanu* ta leemma
fakkaattu naaf kennante; analle'een, «Dhaqiitii
Galma Waaqaatii fi addee ciincaan itti ciincef-
famu miki; worra achitti waaqonfatulle laakkow.
2 Addee Galma Waaqaatiin fuula dura jirtu am-
moo hin mikin. Sababille addeen sun worra Yi-
hudoota hin te'iniif kennanteerti. Isaan qachaa
woyyicha ji'a afurtamii lama irra hirbeessan.
3 Ani dhugaa baatota tiyya lamaaf hunna hin
kenna; isaaniille woyaa gaddaa uffatanee, guyyaa
kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi jaatama hin raa-
gan» jedhame.
4 Dhugaa baatoti lama, ta Waaqa Goottaa biyya
lafaa dura dhaabbattu tun, muka ejersaa lamaa fi
waan ifi irra keyamu lama.
5 Eennulle isaan miidhiisaaf yoo barbaade,
ibiddi afaan isaanii keessaa bayee diina isaanii
hin balleessa; ka isaan miidhiisaaf barbaadu
mara akka kanaan ijjeefaman.

---

* **11:1** *Mikanu: Hagam akka dheeratuu fi badhatu ittiin ilaalanu, yookiin likkanu*

6 Isaan guyyoota raaga raaganu san, akka bok-
keenni hin roonne gubbaa cufiisaaf baallii qaban;
akkasuma bisaan dhiiga godhiisaa fi yennaa fed-
hane mara balaa te'e maraanuu lafa dhowiisaaf
baallii qaban.
7 Yennaa isaan dhugaa bayiisa fixatane, bi-
neensi hamaan† boolla qilee keessaa bayee isaan
adhee injifatee, hin ijjeesa.
8 Reeffi isaaniille hodhicha guddaa qachaa
gudda'aa irra hin ciciisa; qachaan kun addee
Goottaan isaanii itti fannifame, ta yennaa
fakkeennaan dubbatantu‡ Sodoom yookiin Gibxi
jedhantu.
9 Kolbaa adda addaa keessaa, gosa adda ad-
daa keessaa, afaan adda addaatii fi gosa biyya
adda addaa keessaa worri dhufane, guyyaa sadii
fi wodhakkaa reeffa isaanii hin daaw'atan, hin
awwaalchisanulle'e.
10 Raagoti lamaan tun worra lafa irra le'anu
waan farrisiisaneeranuuf, worri lafa irra le'anu
du'a raagota tanaatitti gammadanee jilifatan;
woliifille kennansa hin kennan.
11 Guyyaa sadii fi wodhakka'aan duuba ammoo,
hafuurri jiru'uu Waaqa biraa dhufee itti gale;
isaanille ka'anee miila ifiitiin dhaabbatane; worri
isaan dhagge duudiin bararaqe.
12 Achiin duuba ol-gubbaa irraa qoonqoo gud-
doo ta, «Asi baya'a!» isaaniin jettu dhage'ane; di-
inoti isaanii adoo ilaalanu duumensa keessa gara
ol-gubba'aa bayane.

† **11:7** *Bineensi hamaan:* Doobbaan yookiin bineensi Iyyaa fakkaatu ‡ **11:8** *Yennaa fakkeennaan dubbatanu:* Yookiin ila ayyaanaatiin ilaalamu

13 Saatuma sanitti tacho'i lafaa guddaan te'ee,
qachaan sun harka kudhan keessaa harki tokko
diigame; tacho'a lafaa saniin namooti kum torba
du'ane; worri hafanelle bararaqanee, Waaqa ol-
gubba'aatiif ulfinna kennane.
14 Aanneen lammeesso'oo dabarteerti; kunoo
aanneen sadeesso'oo dhufaarti.

*Tultullaa Torbeesso'oo*

15 Ergamaan Waaqaa ka torbeesso'oolle tultul-
laa ifii afuufe. Ol-gubbaalle'etti qoonqoon hed-
duun guddoon, «Mootummaan biyya lafaa, ta Goot-
taa keennaatii fi ta Kiristoosii§ isaa teete; innille
bara baraa haga bara baraatitti hin mowa» jettu
dhage'ante.
16 Maanguddooti diddamii afur, ka fuula
Waaqaa duratti barcumaa ifii ka mootumma'aa
irra tee'aneeranulle, addaan gombifamanee
Waaqaa sagadanee,
17 «Waaqa Goottaa waan mara dandeettu,
ka ammaa fi durille jirtu,
hunna teeti guddoo fudhattee waan mooteef,
si galateeffanna.
18 Worri Yihudoota hin te'in mufate;
mufiin teetille dhutte.
Yennaan worri du'e muraa dhaggatulle geette;
yennaan tajaajiltooti teeti raagotii fi
worri si'iif woyyoome,
worri maqaa keeti ulfeessu
worri didiqqa'aa fi worri gugurdaan,
gatii ifii dhaggatanu geette.
Yennaan worra lafa balleesse,

---

**11:13** Mudh. 6:12; 16:18 § **11:15** *Kiristoosii:* Masiihii

balleessitulle geette» jedhane.
19 Achiin duuba Galmi Waaqaa ka ol-gubba'aa
baname; Galma Waaqaa keessatti saanduqi Gon-
dooroo* isaa mudhate. Balaqqeettiin balaqqit-
tee, huuruun dhage'antee, mandiisuun mandi-
itee, latti tachootee, dhakaan bokkeyaa guddaalle
bu'e.

# 12

## *Dubartitti'ii Fi Bineensa Jawwee Fakkaatu*

1 Kancirri guddaan tokko ol-gubba'atti mud-
hate; dubartiin aduu uffattee, ji'a miila jala key-
attee, kallacha urjoota kudha lamaa* mata'atti
keyatteertu takka mudhatte.
2 Isiin ulfa qaddi; yennaa deyiisaaf ciniinsifattu,
ciniinsu'uun rakkattee iyyite.
3 Kancirri dhibiille ol-gubba'atti mudhate;
jawween† guddoon diintuun, ta mataa torbaa, ta
gaafa kudhan qadduu fi kallacha torba mata'atti
keyatteertu takka mudhatte.
4 Eegeen isi'ii urjoota harka sad keessaa harka
tokko ol-gubba'aa harkittee gad lafatti qolaansite.
Jawween sun, akkuma dubartittiin deetteen mu-
caa isiin deettu liqinsiisaaf, isii deya geette dura
dhaabbatte.
5 Isiin ilma gosa biyya maraa ulee sibiilaa
ta bokku'uutiin bulchu deette; mucaan gara

* **11:19** *Saanduqi Gondooroo:* Amaariffaan, «Taabota» **11:19** Mudh. 8:5; 16:18; 21 * **12:1** *Kallacha urjoota kudha lamaa:* Urjoota kudha lama akka kallachaa keyatteertu † **12:3** *Jawween:* Muusageessi, bineensi akka jawwe'ee

Waaqaatii fi gara barcumaa mootummaa ifii ol fudhatame.
6 Dubartittiille, gara addee Waaqi akka isiin
guyyaa kuma tokkoo fi dhibba lamaa fi jaatamaaf,
waan ittiin leetu dhaggattuuf‡ qopheessee, gara
lafa goomole'ee baqatte.
7 Kanaan duuba ol-gubbaalle'etti lolli ka'e.
Mikaa'elii fi ergantooti isaa jawwee san lolane;
jawwe'ee fi ergantuun isi'iille deebisane isaan
lolane;
8 te'uu malee jawwe'ee fi ergantooti isi'ii injifa-
tamane; addee ol-gubba'atti qabanulle dhabane.
9 Jawween guddoon gad qolaanfante; isiin
Diyaabiloosii yookiin Seexana biyya lafaa duudii
wollaalchise jedhamu, dhudhuufaa bara durii
ti. Isiin gad gara lafaa qolaanfante; ergantooti
isi'iille isii woliin qolaanfante.
10 Anille ol-gubbaa keessaa qoonqoo guddoo
dhage'e; isiilleen,

«Amma fayyinni, hunni, mootummaan Waaqa keennaatii fi
baalliin Kiristoosii isaa dhutteerti.
Himattooti obboleeyyan teennaa,
ta halkanii fi guyyaa Waaqa keenna duratti
isaan himataa turtelle gad qolaanfanteerti.
11 Obboleeyyan teennalle,
dhiiga Hoolichaatii fi jecha dhugaa bayiisa ifiitiin
isa mowataneeran;
lubbuu ifii adoo hin jaalatin
du'aaf dabarsanee ifi kennaneeran.
12 Maarre yoona ol-gubbootii fi

‡ **12:6** *Waan ittiin leetu dhaggatuuf:* Kunuunfantuuf

worri isaan keessa leetanu gammada'a!
Lafaa fi abbaayaa guddo'o, isiniif ammoo aanne'e!
Sababille Seexanni yennaa gabaadduu callaa akka qabu beekee,
mufii gudda'aan gadi gara keessan dhufeera» jedhe.

13 Jawween sun gara lafaatitti akka gad qolaan-
fante yennaa beette, dubartittii ilma deette san
ari'utti kaate.
14 Dubartittiin ammoo gara lafa goomole'ee,
addee itti woggaa sadii fi wodhakka'aaf waan it-
tiin leetu dhaggattu sanii, akka koolaan kaatuuf
koolli risaa guddichaa lama isi'iif kenname.
15 Achiin duuba jawween sun akka dubar-
tiin sun lola'aan fudhatantuuf, bisaan akka la-
gaa, afaan ifii keessaa, dudda isi'ii duubaan gadi
naxxe.
16 Latti ammoo dubartittii gargaarte; afaan ifii
bantee laga jawween afaan ifii keessaa gadi naxxe
san liqinsite.
17 Jawween sunille dubartii sanitti aartee,
ijoollee isi'ii ta hatte woliin loliisaaf dhaxxe;
isaan worra ajaja Waaqaa eeggatuu fi dhugaa
baya Yesuusii qabatu.
18 Jawween sun maansa cinaa abbaaya'aa irra
dhaabbatte.

# 13

*Bineensota Lama*
1 Kanaan duuba bineensi tokko abbaayaa
keessaa bayuun dhagge. Bineensi sun gaafa
kudhanii fi mataa torba qaba; gaafota ifii

irralle'etti kallacha kudhan, mataa ifii irralle'etti maqoota Waaqa faanshessanu qaba.
2 Bineensi ani dhagge sun qeeransa fakkaata;
miilli isaa ammoo miila doobba'aa* fakkaata, afaan isaalle afaan neenqaa fakkaata. Jawween tun hunna ifii, barcumaa mootummaa ifiitii fi baallii ifii guddoo bineensa sanii kennite.
3 Matoota bineensa sanii keessaa mataan
tokkochi madaa ijjeettu waan qabu fakkaata; ammoo madaan sun fayyiteerti. Biyyi duudiin baaseffattee, bineensa san hordotte.
4 Jawween baallii ifii bineensa kanaaf waan
kenniteef, namooti isi'iif sagadane; akkasuma bineensa sanille'een, «Ka akka bineensa kanaa jiru eennu? Eentu isa loliisaaf dande'a?» jedhaa sagadaneef.
5 Afaan jecha kooraa ittiin dubbatuu fi Waaqa
ittiin faanshessu bineensa saniif kenname; ji'a afurtamii fi lama baalli'iin akka hujuufille eeyyam kenname.
6 Innille Waaqa, maqaa Waaqaa, addee ulfaat-
tuu Waaqi le'uu fi worra ol-gubbaa keessa le'u faanshessiisaaf afaan banate.
7 Akka inni woyyoota lolee injifatuuf hunni
isaaf kennante. Gosa, kolbaa, afaanii fi gosa biyya adda addaa mara irralle'etti baalliin kennanteef.
8 Haga biyyi lafaa dadantee jalqabee, worri
maqaan isaanii kitaaba jiru'uu ka Hoolicha qalamee keessatti hin barreeffamin, namooti lafa irra le'anu marti bineensa saniif hin sagadan.
9 Nami gurra qabu dhage'uu ti!

* **13:2** *Doobba'aa:* Iyya'aa

10 Nami booji'amu, hin booji'ama; nami
shallaaga'aan ijjeefamu shallaagumaan
ijjeefama. Ciniinnatanee ossiisaa fi addatamiisi
kolbaa Waaqaa yennaa tana barbaachitti.
11 Achiin duuba bineensi dhibiin lafa keessaa
bayuun dhagge. Akka hoole'ee gaafa lama qaba,
ammoo akka jawwe'ee dubbate.
12 Inni maqaa bineensa qaraatiin baallii gu-
utu'uun hujiisatti jiraayyu; lafaa fi worri isii irra
le'anu maraa, bineensa qaraa ka madaa ijjeettu
irraa fayye akka waaqonfatanu godhe.
13 Kolbaa duralle'etti haga ibidda ol-gubbaa ir-
raa gad gara lafaa buusiisaatitti bilbaasa gugurd-
daa huje.
14 Maqaa bineensa qaraatiin bilbaasa akka hu-
juuf baalliin waan kennanteertuuf, worra lafa
irra le'anu wollaalchise; bineensa shallaaga'aan
madayee, ammoo ka lubbu'uun jiruuf, fakkii akka
dhaassisanuufille ajaje.
15 Fakkiin bineensa qaraa dubbatiisa akka dan-
deettu hafuura akka isi'iif kennuu fi worra fakkii
tanaaf hin saganne maraa akka ijjeesisuuf baal-
liin kennante.
16 Akkasuma diqqa'aa fi guddaan, dureessii fi
hiyyeessi, gootta'aa fi garbichi marti harka mid-
dicha irratti yookiin adda ifii irratti beessisa akka
godhatanu hunnaan tolche.
17 Beessisa bineensa qaraa ka maqaa isaa
yookiin laakkossa maqaa isaa mudhisu, yoo ifi
irraa qabaate malee, nami tokkolle bitatu'uu fi
gurguratuu akka hin dandeenneef akkasi tolche.
18 Wonni tun qarummaa barbaaddi. Laakkossi
kun laakkossa namaa waan te'eef, nami qalbii

qabu maraa laakkossa bineensa kanaa herregee bira gewuu ti; laakkossi isaalle, dhibba jaa fi jaatamii fi ja.

# 14

## *Hoolichaa Fi Kolbaa Isaa*

1 Achiin duuba midhadhee, Hoolichi gaara Xiy-
oonii irra dhaabbatuun dhagge; worri maqaan
isaatii fi maqaan Abbaa isaa adda isaaniititti bar-
reeffameerulle, namooti kuma dhibbaa fi kuma
afurtamii fi afur isa woliin jiraniiyyu.
2 Qoonqoo akka qoonqoo bisaan heddu'uutii
fi gikkeessa mandiisuu guddo'oo jirtu ol-gubbaa
keessaa dhage'e; qoonqoon ani dhage'e sun qoon-
qoo kiraara gugurda'aa* ka worri kiraara dhowu
dhowuu fakkaatti.
3 Isaanille barcumaa mootumma'aa duratti,
dadi lubbuu qaddu afurii fi maanguddoo did-
damii fi afur duratti faaruu haareya faarsane.
Worra lafa irraa wodame, worra kuma dhibbaa
fi kuma afurtamii fi afur malee, nami tokkolle
faaruu san baratiisaaf hin dandeenne.
4 Worri kun waan qulqullumma'aan ifi ee-
gataneeranuuf, worra dubartii bira dhaqiisaan
ifi batteesseeruu moti; isaan qeedho'o. Isaan
gara Hoolichi deemu mara gula deeman; isaan
kun worra Waaqaa fi Hoolichaaf akka angafoota
te'anuuf, sanyii namaa keessaa wodamane.
5 Afaan isaanii keessalle'etti dharti ijjumaa hin
dhagganne; isaan worra komii hin qanne.

## *Ergantoota Waaqaa Sadiin*

---

* **14:2** *Kiraara gugurda'aa:* Bagana'aa

6 Achiin duuba ergamaan Waaqaa ka dhibiin
wodhakkaa ol-gubba'aa keessa koolaan ka'uun
dhagge; innille Oduu Gammadaa ta bara baraa, ta
worra lafa irra le'u maraaf, gosa biyya adda addaa
maraaf, gosa maraaf, afaanii fi kolbaa maraaf
lallabu qabateera.
7 Inni qoonqoo guddo'oon, «Guyyaan muraa
isaa waan geyeef, Waaqa sodaadha'a, ulfinnalle
kenna'aaf! Ka ol-gubba'aa fi lafa, abbaaya'aa fi
madda bisaanii dadeef sagada'a!» jedhe.

8 Ergamaan Waaqaa dhibiin, ka lammeesso'oo,
ka qaraatitti aanee, «Baabiloniin guddoon jidde!
Jidde! Isiin gosi biyya adda addaa marti, daadhii
woyni'ii ta sagaagala isi'ii, ta macheessitu akka
untu tolchiteerti» jedhe.

9 Ergamaan Waaqaa dhibiin, ka sadeesso'oolle,
isaanitti aanee qoonqoo guddo'oon, «Nami bineen-
saa fi fakkii isaatiif sagadu, ka beessisa isaalle
adda ifii irratti yookiin harka ifii irratti godhatu
mara,
10 daadhii woyni'ii ta mufii Waaqaa hin una;
daadhiin woyni'ii sunille ta adoo hin makamin
muduunuu mufii Waaqaatitti naqanteertu;
akkasuma inni ergantoota Waaqaa woyyootaa
fi Hoolicha fuula duralle'etti ibiddaa fi dhakaa
bobe'uun hin farra.
11 Aarri farra isaaniille bara baraa haga bara
baraa ol hin baya; worri bineensaa fi fakkii bi-
neensaatiif sagadu, yookiin worri beessisa maqaa
isaa godhatu mara halkanii fi guyyaa foora hin
qabu» jedhe.

---

**14:8** Mudh. 18:2

12 Kolbaa Waaqaa ta ajaja Waaqaa eeggatanuu fi Yesuusille'eef addatamiisaan jabaatanu irraa ciniinnatanee ossiis yennaa tana barbaachitti.

13 Achiin duuba ol-gubbaa keessaa, «Haganaa achi worri Gootta'aan jiraataa du'u, worra bad-
haadhe jedhii barreessi» qoonqoo jettu dhage'e. Ayyaannille, «Ee, hujiin isaanii waan isaan hor-
dottuuf, dadhabbii ifii irraa hin foorfatan» jedha.

## *Mufii Gootta'aa Lafa Irratti*

14 Achiin duuba midhadhee, duumensa adii tokko dhagge; ka ilma namaa fakkaatu tokkolle, kallacha worqi'ii mata'atti keyatee, haantuu qara qaddu harkatti qabatee, duumensa san irra te'eeraayyu.
15 Ergamaan Waaqaa dhibiin, Galma Waaqaa san keessaa bayee, ka duumensa irra tee'e saniin, «Wonni lafa tanaa ta haammantu guutumatti bilchaateerti; yennaan haamma'aalle waan geet-
teertuuf, haantuu teetiin haam!» jedhee qoonqoo guddo'oon iyye.
16 Maarre, ka duumensa irra tee'eeru sun haan-
tuu ifii lafa irra wolaase; lattille haamante.
17 Ergamaan Waaqaa ka dhibiin, Galma Waaqaa ka ol-gubbaa keessa jiru keessaa baye; innille haantuu qara qaddu qabaayyu.
18 Ergamaan Waaqaa ka dhibiin, ka ibidda irratti baallii qabu, addee ciincaan itti ciincef-
famu biraa baye; inni ergamaa Waaqaa ka haan-
tuu qara qaddu qabateeruun, «Unkuruurri mid-
haan muka woyni'ii waan bilchaateeruuf, haan-
tuu teetiin unkuruura midhaan muka woyni'ii,

muka woynii lafa irraa muriitii wolitti qabi» jed-
hee qoonqoo guddo'oon iyye.
19 Ergamaan Waaqaa sunille, haantuu ifii lafa
irra wolaasee, unkuruura midhaan muka woynii
lafaa mara muree, addee midhaan woynii mufii
Waaqaa guddo'oon itti cunfantutti qolaanse.
20 Woyniin sunille qacha'aan alatti addee
woyniin itti cunfantutti cunfante; dhiigi haga
lugaama fardaa ol dheeratuu addee woyniin itti
cunfantu san keessaa bayee, haga kiiloo meetira
dhibba sadii lola'e.

# 15

## *Ergantoota Waaqaa Torbaa Fi Balaa Torba*

1 Achiin duuba beessisa gudda'aa fi kancira te'e
tokkolle ol-gubba'atti dhagge. Ergantoota Waaqaa
ta balaa muumme'ee torba qabatteertu dhagge;
mufiin Waaqaa isaaniin waan muummottuuf, ka
muumme'ee jedhamane.
2 Ammalle waan ibiddaan makameeru ka ab-
baayaa daaw'iti'ii fakkaatu tokko dhagge; worra
bineensa, fakki'ii fi laakkossa maqaa isaa inji-
fateerulle, cinaa abbaayaa sanii dhaabbataneer-
anuun dhagge. Isaanille kiraara guddicha Waaqa
biraa kenname qabatanee,
3 faaruu garbicha Waaqaa ka Muuse'eetii fi Ka
Hoolichaa faarfatanee,

«Waaqa Goottaa waan mara dandeettu,
hujiin teeti guddo'oo fi baasa!
Ati mootii gosa biyya adda addaa*,
karaan keeti qajeela'aa fi dhuga'a!

**14:20** 19:15 * **15:3** *Mootii gosa adda addaa:* Woraabbiin gariin mootii bara baraa jedha

4 Gootta'a! Nami si hin sodaanne,
ka maqaa keetille hin guddinne eennu?
Si calla'attuu woyyicha;
hujiin† teeti balchittiin waan mudhatteef,
gosi biyya adda addaa mara dhufee,
si'iif hin sagada» jedhane.
5 Kanaan duuballe'etti waan dhibii dhagge.
Galmi Waaqaa ka ol-gubba'aa, ka dunkaanii
dhugaa bayaa jedhamu baname;
6 ergantooti Waaqaa ta balaa torba qabatteertu,
Galma Waaqaa keessaa gadi bayane; isaan woyaa
quncee talba'aa irraa hujante, adii calalaxxu uf-
fatanee qoma ifiille hidhata worqi'iitiin hidhata-
neeran.
7 Achiin duuba dada lubbuu qaddu afur keessaa
tokkochi, qorii worqi'ii torba ta mufii Waaqa bara
baraa haga bara baraa jiraatuutiin guutanteertu,
ergantoota Waaqaa torba sanii kenne.
8 Galmi Waaqaa sunille aara ulfinnaa fi hunna
Waaqaatiin guutame; haga balaan torba ka er-
gantoota Waaqaa torbaa muummottutti, eennulle
gara Galma Waaqaa seeniisaaf hin dandeenne.

# 16

## *Muduunuu Mufii Waaqaa Torba*

1 Achiin duuba Galma Waaqaa keessaa, qoon-
qoon guddoon ergantoota Waaqaa torbaaniin,
«Dhaqa'aatii, qorii mufii Waaqaa torba lafatti gadi
naqa'a!» jettuun ani dhage'e.
2 Ergamaan Waaqaa ka qaraa dhaqee qorii
ifii lafatti gadi naqe; worra beessisa bineensaa

---

† **15:4** *Hujii:* Muraan

ifi irratti qabuu fi worra fakki'iif sagade irratti
madaan hantuun farrisiittu baate.
3 Ergamaan Waaqaa ka lammeesso'oo, qorii ifii
abbaayaa irratti gadi naqe; abbaayaan guddoon
sunille akka dhiiga nama du'ee teete; wonni lub-
buu qabanu ka abbaayaa san keessa le'anu mara
du'ane.
4 Ergamaan Waaqaa ka sadeesso'oo qorii ifii
lagaa fi madda bisaanii irratti gadi naqe; isaaniille
dhiiga te'ane.
5 Achiin duuba ergamaan Waaqaa ka bisaan
irratti baallii qabu dubbatuun dhage'e; inni,

«Ee, Woyyicha,
ka amma jirtuu fi durille jirtu,
waan akkas murteef,
ati sirri'i;
6 isaan dhiiga woyyootaatii fi
raagotaa dhangalaasaneeran;
atille akka isaan dhiiga unanu gooteerta;
kun waan isaaniif male!» jedhe.

7 Qoonqoon takkalle addee ciincaan itti ciincef-
famu irraa,
«Ee, Goottaa Waaqa waan mara dandeettu,
muraan teeti dhuga'aa fi sirri'i»
jettuun dhage'e.

8 Ergamaan Waaqaa ka arfeesso'oolle, qorii ifii
aduu irratti gadi naqe; aduulle ibidda ifiitiin akka
namoota woxaltuuf baalliin kennanteef.
9 Isaanille finiina hama'aan woxalamane; isaan
maqaa Waaqa balaa kana mara irratti baallii
qabuu abaarane malee, cubbuu irraa hin deebine,
ulfinnalle isaaf hin kennine.

10 Ergamaan Waaqaa ka shaneesso'oolle, qorii
ifii barcumaa mootummaa bineensaa irratti gadi
naqe; mootummaan bineensaalle dukkanaan
liqinfante; namootille farra irraa ta kaateen
arraba ifii cicciniinane.
11 Farraa fi madaa ifii irraa ta kaateen Waaqa ol-
gubba'aa abaarane malee, hujii ifii hantuu irraa
hin deebine.
12 Ergamaan Waaqaa ka jayeesso'oolle, qorii
ifii laga Efraaxiisii guddicha irratti gad naqe;
mootota gara aduun baatuu dhufanuuf, akka
karaan qophowuuf bisaan lagaa sun goge.
13 Achiin duuba afaan jawwe'ee keessaa, afaan
bineensaa keessaa fi afaan raagicha dharaames-
saa keessaa, ayyaanoti battooti sad ka raacha
fakkaatanu bayanuun dhagge.
14 Isaan ayyaanota durriisaa, ka bilbaasota
godhanu; ayyaanoti kun Guyyaa guddaa Waaqa
waan mara dande'uutitti lola te'uuf, mootota
wolitti qabiisaaf gara mootota biyya lafaa duudii
dhaqan.
15 «Kunoo, ani akka hattu'uu yennaa hin
beekkanne dhufa! Nami akka qullaa hin
teenee fi akka nafi fokkoo isaa hin mudhanneef,
dammaqee, woyaa ifii eeggatu ka badhaadhe!»
16 Ayyaanoti hamooti sun mootota san addee
afaan Ibrootaatiin, «Armaagedoon» jedhantutti
wolitti qabane.
17 Ergamaan Waaqaa ka torbeesso'oo qorii
ifii qilleensa irratti gadi naqe; barcumaa moo-
tumma'aa ka Galma Waaqaa keessa jiru irraa,
qoonqoon guddoon, «Muummotte» jettu baate.

18 Achiin duuba balaqqeettiin balaqqitte, hu-
uruun dhage'ante, mandiisuun mandiite, lattille
akka malee tachoote; haga nami lafa irratti
dadameen jalqabee tacho'i lafaa guddaan akkasii
te'ee hin beeku.
19 Qachaan akka malee gudddaan sun addee
saditti gargar baye; qachaan guddaan gosa biyya
adda addaalle diigame. Waaqi Baabilon guddoo
qaabatee, muduunuu daadhii woyni'ii ta mufii
jaddu'uun guutante keessaa akka untu tolche.
20 Oddoolli marti baqatane; gaarotille dhaba-
mane.
21 Dhakaan bokkeyaa gugurdaan, ka tokkoon
tokkoon isaa gara kiiloogiraama afurtamii shanii
ulfaatu, gubba'aa gad namoota irra bubbu'e;
balaan sun farrisiisaa waan te'eef, balaa dhakaa
bokkeyaa saniin ta kaate, namooti Waaqa
abaarane.

# 17

## *Sagaagaltuu Guddittii*

1 Ergantoota Waaqaa torba ta muduunuu torba
qaddu keessaa tokkochi dhufee anaan, «Koy, mu-
raa sagaagaltittii gudditti'ii, ta bisaan hedduu irra
teeteertuu sitti mudhisa.
2 Moototi lafa tanaa isii woliin sagaagalteerti;
worri lafa irra le'ulle daadhii woyni'ii ta sagaagala
isi'iitiin machoweera» jedhe.
3 Achiin duuba ergamaan Waaqaa sun gara
lafa goomole'ee Ayyaanaan na geesse; achille'etti
dubartiin takka, bineensa diimaa ka nafi isaa
duudiin maqoota faansho'ootiin guutameeru, ka

mataa torbaa fi gaafa kudhan qabu irra teeteer-
tuun dhagge.
4 Dubartittiin sun woyaa dhiille'ee fi diintuu
uffattee, worqii, dooqaa fi dhakaa gatii guddo'oo
naqattee, ifi seefatteerti; harkalle'etti muduunuu
worqi'iin hujante, ta waan diqachiisuu fi battii
sagaagala isi'iitiin guutanteertu qaddiiyyu.
5 Maqaan dhossa'aa ka, «Baabilonii guddittii,
haadha sagaagaltootaatii fi battoota lafaa» jedhu
adda isi'ii irratti barreeffameera.
6 Dubartittiin sunille, dhiiga woyyootaatii fi dhi-
iga dhugaa baatota Yesuusiitiin machootteertuun
dhagge; ani yennaa isii dhagge akka malee baas-
effadhe.
7 Achiin duuba ergamaan Waaqaa, «Maaf baas-
effatta? Dhossaa dubartitti'iitii fi bineensa isiin
irra teetteertuu, ka mataa torbaa fi gaafa kudhan
qabuu san, ani sitti hima.
8 Bineensi ati dhaggite sun duri jira, amma am-
moo hin jiru; boolla qilee keessalle'ee ol bayee,
gara badii ifii hin deema. Haga biyyi lafaa dadan-
tee jalqabee, worri maqaan isaanii kitaaba jiru'uu
keessatti hin barreeffamin, worri lafa irra le'anu
akka bineensichi duri jiru, amma ammoo akka
hin jiraatin, deebi'eelle akka dhufu, yennaa dhag-
ganu hin baaseffatan.
9 «Wonni tun qalbii qaruu qaddu barbaaddi;
mataan torba sun gaara torba dubartittiin irra
teettu; isaan sunille mootota torba.
10 Isaan keessaa shan jiganeeran; tokkochi hin
jira, ka dhibiin haga ammaa hin dhunne; yennaa
dhufu ammoo yennaa diqqoo qofaaf turuu* qaba.

---

* **17:10** *Turuu:* Bulchuu

11 Bineensi duri jiru, ka amma ammoo hin jirre
sun, mooticha saddeetesso'oo ti; innille mootota
torba san keessaa tokko; gara badi'iille hin deema.

12 «Gaafi kudhan ati dhaggite sun, mootota kud-
han ta haga ammaa mootummaa hin fudhatin;
te'uu malee saatii takka'aaf, bineensa san woliin
mootota te'anee mowiisaaf baallii hin fudhatan.
13 Isaan yaada tokko qaban; hunna ifiitii fi baal-
lii ifii bineensa saniif hin kennan.
14 Isaan Hoolicha hin lolan; Hoolichi ammoo
Goottaa goottotaatii fi mootii moototaa waan
te'eef, isaan hin mowata. Worri isa woliin
jiru, worri waamame, worri filamee fi worri ad-
datamelle isa woliin hin mowata» jedhe.

15 Ergamaan Waaqaalle anaan, «Bisaan hedduun
sagaagaltittiin irra teetteertuun ati dhaggite sun
kolbaa hedduu, namoota bindillaa, gosa biyya
adda addaatii fi afaan adda addaa ti.
16 Bineensii fi gaafi kudhan ati dhaggite sun
sagaagaltittii san hin jibban; isaan isii onsanee
qullaa lakkisan; foon isi'ii hin nyaatan, ibid-
dalle'een isii hin guban.
17 Haga Jechi Waaqaa muummowu, karoora
isaa akka muummessanuu fi yaada tokko te'anee
baallii ifii bineensa saniif akka kennanuuf, ka
yaada kana gadhaa isaanii keessa keye Waaqa.
18 Dubartittiin ati dhaggite sunille, qachaa
akka malee guddaa te'e ka mootota lafaa irratti
mootomu» jedhe.

# 18

*Jigiisa Baabilonii*

1 Kanaan duuba ergamaan Waaqaa ka baal-
lii guddoo qabu ka dhibiin ol-gubbaa irraa gadi
bu'uun dhagge; calalaqa ulfinna isaatiin ta kaate
latti itte.
2 Innille qoonqoo guddo'oon iyyee:
«Baabiloniin gudditiin jidde! Jidde!
Isiin mana durriisotaa,
addee ayyaanni battichi mara itti baqatu,
addee sinbirreen battitti'ii fi diqachiittu marti
itti qubatu teete!
3 Gosi biyya adda addaa marti, daadhii woyni'ii
ta sagaagala isi'ii waan unteertuuf,
moototi lafa irraa isii woliin sagaagala-
neeran;
daddaltooti lafa irraalle qananummaa hunna
isi'iitiin ta kaate
duroomaneeran» jedhe.
4 Achiin duuba qoonqoo dhibii ol-gubbaa irraa
dhage'e; isiille:
« ‹Kolbaa tiyya! Cubbuu isi'ii keessaa akka harka
hin qabaanne,
balaa isi'iille akka hin qoodanne,
isii keessaa baya'a!
5 Cubbuun isi'ii haga ol-gubba'aa waan
tuulanteertuuf,
Waaqi yakkaa isi'ii qaabateera.
6 Haga isiin isinii kennite, deebisa'aatii kenna'aaf,
waan isiin gootelle'eef
dachaa lama deebisa'aatii godha'aaf!
Muduunuu isiin itti bulbultetti,
harka lama xiyya godha'aatii bulbula'aaf!
7 Qixxee isiin ulfinna ifiif kennitee, qanan-
numma'aan leete,

farraa fi gadda kenna'aaf.
Isiin gadhaa ifii keessalle'etti, ‹Ani mootittii te'eera;
ani haadha hiyyeessaatii moti;
ijjumaa hin gaddu› ifiin jetti.
8 Tanaaf balaan isi'ii hedduun:
duuti, gaddaa fi beelti,
guyyuma tokkotti itti hin dhufan.
Waaqi Goottaan isi'itti muru hunnaamessa waan te'eef
isiin ibiddaan hin gubanti.

9 «Moototi lafa irraa ta isii woliin sagaagaltee fi
qananumma'aan leete, aara yennaa isiin gubattu
aaru yennaa dhaggane, isi'iif waacifanee bowan.
10 Farra isi'ii kanalle sodaatanee, fagoo dhaab-
batanee, ‹Qachaa gudda'a, si'iif aanne'e! Aanne'e!
Qachaa Baabilonii hunnaamessa, muraan teeti
saatii takkaa keessatti dhutteerti› jedhan.
11 «Nami haganaa achi fe'iisa isaanii bitatu waan
hin jirreef, daddaltooti lafaalle isi'iif waacifanee
bowan.
12 Fe'iis sunille: Worqii, meetii*, dhakaa gatii
guddo'oo, dooqa, woyaa miila talba'aa irraa hu-
jante, woyaa dhiillee, woyaa haarri'ii, woyaa diin-
tuu, muka uddowu mara, waan ilka arbaa irraa,
muka gatii guddo'oo irraa, sageettuu irraa, sibiila
irraa fi waan dhakaa adii irraa hujame mara,
13 qarafaa, qimamii, hixaana, qumbii, uddowaa
iffataa, daadhii woyni'ii, zayitii ejersaa, bullaa,
qamadii, loon, hoolee, fardoo, garreettota far-
daan harkifamanu, garboole'ee fi namoota.

* **18:12** *Meetii:* Birrii sibiilaa

14 «Daldaltootille isi'iin, ‹Wonni dansaan ati hal-
chite si irraa bayyatteerti; durumma'aa fi ulfinni
keeti mara badeera; deebi'eelle hin dhufu› jed-
han.
15 Daddaltooti waan kana gurgurataa isi'iin
duroomane farra isi'ii sodaatanee fagoo dhaab-
batan; waacifaa bowaa,
16 qoonqoo guddo'oon iyyaa:
« ‹Qachaa guddicha,
woyaa quncee talba'aa irraa hujante,
woyaa dhiille'ee fi diintuu uffataa tureef,
ka worqi'ii fi dhakaa gatii gudda'aa,
dooqalle naqataa tureef aanne'e! Aanne'e!
17 Saatii takkaa keessatti
durummaan sun duudiin badde!› hin jedhan.
« ‹Worri hoboloo gudditti† ajaju, worri hoboloo
gudditti'iin ideemu, worri hoboloo gudditti
keessa huju, worri abbaayaa irratti daddaliisaan
le'anu duudiin irraa fagaatanee hin dhaabbatan.
18 Qachaan kun gubatuun aara bawu yen-
naa dhaggane, «Qachaan guddaan qachaa kana
fakkaatu ka biraa hin jiraayyuu?» jedhan.
19 Bukuu mataa ifii irratti firfirsanee, waacifaa
bowaa,
« ‹Qachaan guddichi
ka worri abbaayaa irratti
hoboloo gudditti qabanu duudiin,
karra isaatiin duroomane,
saatii takkaa keessatti waan badeef
aanne'e! Aanne'e!› jedhaa iyyan.
20 « ‹Ol-gubba'a, badii qachaa kanaatitti gammadi!
Waan Waaqi marroo teessaniif itti mureef,

† **18:17** *Hoboloo gudditti:* Markaba

isin kolbaan Waaqaa,
ergantootii fi raagoti,
gammada'a!› jette» ta jettu.

21 Kanaan duuba ergamaan Waaqaa jabaan
tokko dhakaa akka dhakaa daaku'uu guddaa
tokko fuudhee abbaaya'atti darbee:

«Qachaan Baabilonii guddichi
akkas hunnaan qolaanfamee,
gad darbama,
deebi'eelle hin dhaggamu!

22 Qoonqoon worra kiraara guddicha dhowuu,
qoonqoon worra weeddisuu,
ka worra susulle'ee fi tultullaa afuufuu,
deebitee si keessatti hin dhage'antu.

Ogeeyyiin hujii adda addaa hujju,
deebitee si keessatti hin dhaggantu.

Qoonqoon dhakaa daaku'uulle,
deebitee si keessatti hin dhage'antu.

23 Ifi issa'aa,
deebi'ee si keessatti hin ifu.
Qoonqoon waajibichaatii fi waajibitti'ii,
deebitee si keessatti hin dhage'antu.

Daddaltooti keeti
namoota gugurdoota biyya lafaa ti.

Ati xanoo teetiin kolbaa duudii
dokonkorsiteerta.
24 Dhiigi raagotaatii fi
kolbaa Waaqaa,
ka worra lafa irratti ijjeefamee duudiin,
qachaa Baabilonii keessatti dhaggameera»
jette.

# 19

1 Kanaan duuba qoonqoo, qoonqoo kolbaa
bindilla'aa fakkaattu, qoonqoo guddoo ol-gubbaa
irraa dhage'e; isiille, «Halle luuyyaa! Fayyisiis,
ulfinnii fi hunni ta Waaqa keennaa ti!
2 Muraan isaa dhuga'aa fi sirrii waan teeteef,
inni sagaagaltuu guddittii sagaagalummaa ifiitiin
lafa balleessite sanitti mureera; dhiiga tajaajil-
toota ifii ta isiin dhangalaattelle baaseera» ta
jettu.
3 Ammalle itti dabalanee, «Halle luuyyaa! Aarri
qachaa gubatu sanii, bara baraa haga bara baraa
ol ka'a» jedhane.
4 Maanguddooti diddamii afurii fi dadi lub-
buu qaddu arfan gadi lafatti jiganee, Waaqa bar-
cumaa mootummaa ifii irra tee'eeruuf sagadanee,
«Ameen, halle luuyyaa!» jedhane.

## *Jila Fuudha Hoolichaa*

5 Qoonqoon takka barcumaa mootumma'aa
biraa baatee, «Isin tajaajiltooti isaa marti, isin
worri isa sodaattanu, diqqa'aa fi guddaan, Waaqa
keenna leellisa'a!» jette.
6 Kanaan duuballe waan akka qoonqoo kolbaa
bindilla'aa, ta akka shookkessa bisaan yaa'uutii
fi gikkeessa mandiisuu jaddu'uu fakkaattu takka
dhage'e, isiille, «Halle luuyyaa! Goottaan keenna
Waaqi, ka waan mara dande'u mooti'i.
7 Guyyaan jila fuudha Hoolichaa waan geyee
fi waajibittiin isaalle waan ifi qopheeffatteef,
kowa'a gammannee ilillinnaa! Ulfinnalle isaaf
kennina!

8 Woyaan quncee talba'aa irraa hujante, ta
calalaxxuu fi qulqullittiin, akka isiin uffattuuf
isi'ii kennante» ta jettu; woyaan quncee talba'aa
irraa hujante sunille hujii balchittii kolbaa
Waaqaa ti.
9 Ergamaan Waaqaa sun anaan, « ‹Worri gara
jila fuudha Hoolichaa waamame worra bad-
haadhe› jedhii barreessi» jedhe. Itti aanseelle,
«Kun jecha Waaqaa dhugicha» naan jedhe.
10 Anille isaaf sagadiisaaf miila isaatitti jige;
inni ammoo, «Lakkisi! Tana hin godhin! Anille,
si'ii fi obboleeyyan teeti ta dhugaa baya Yesuusii
fudhatte woliin tajaajila'a; dhugaa bayi Yesuusii
Ayyaana raagaa waan te'eef, Waaqaaf sagadi»
naan jedhe.

### *Ka Farda Adii Irra Tee'eeru*

11 Achiin duuba ol-gubbaan banantee, fardi
adiin tokkolle achi jiruun dhagge. Farda san ir-
ralle, «Addatama'aa fi dhugaamessa» ka jedhamu
tee'eeraayyu; inni balchumma'aan mura, hin lo-
lalle'e.
12 Ilti isaa akka bobe'a ibiddaa ti; mataa ifii
irralle'etti kallacha bacaa qaba. Maqaan isa
malee nami tokkolle hin beenne isa irratti bar-
reeffameera.
13 Inni woyaa dhiiga keessa cuuphanteertu uf-
fateera; maqaan isaalle Jecha Waaqaa ti.
14 Loltooti ol-gubba'aa woyaa quncee talba'aa
irraa hujante adi'ii fi qulqullittii uffatanee, fardoo
adaadii irra tetee'anee isa gula deemiisatti jirani-
iyyu.

---

**19:9** Mat. 22:2-3

15 Shallaagaan qara qabu ka inni ittiin gosa
biyya adda addaa dhowu afaan isaa keessaa
baye; ulee bokku'uu ta sibiilaatiille'een isaan hin
bulcha. Inni addee daadhiin woyni'ii ta mufii
hantuu Waaqa waan mara dande'uu itti cunfantu
hin dhiita.
16 Woya'aa fi gudeeda isaa irratti maqaan,
«Mootii moototaatii fi Goottaa goottotaa» jedhu
barreeffameera.

17 Achiin duuba ergamaan Waaqaa tokko aduu
keessa dhaabbateeruun dhagge. Innille allaat-
tota wodhakkaa gubba'aa keessa koolaan kaatu
mara qoonqoo guddo'oon waamee, «Kowa'a, ir-
baata guddaa Waaqi isinii qopheesseef wolitti
qabama'a!
18 Foon moototaa, foon abbootii duula, foon
hunnaameyyi'ii, foon fardo'ootii fi worra fardoo
irra tee'uu, akkasuma foon nama maraa, ka gar-
baatii fi ka garba hin te'inii, ka diqqa'aatii fi
gudda'aa kowa'aatii nyaadha'a!» jedhe.

19 Achiin duuba bineensii fi moototi lafa ir-
raa loltoota ifii woliin, ka farda irra tee'eeruu fi
loltoota isaa loliisaaf wolitti qabamaneeranuun
dhagge.
20 Bineensi sun ammoo qabame; raagichi
dharaamessi fuula isaa duratti bilbaasota
godhaa ture sunille isa woliin qabame. Inni,
worra beessisa bineensaa ifi irraa qabuu fi
worra fakkii isaatiif sagade, bilbaasota kanaan
dokonkorse. Lamaanuu, akkuma lubbu'uun
jiranuun abbaayaa dhakaa bobe'uun gubattutti
qolaanfamane.
21 Worri hafanelle, shallaagaa afaan ka farda

irra tee'eeruu keessaa bayuun ijjeefamane; allaat-
tiin sun marti foon isaanii nyaattee quutte.

# 20

*Mootummaa Woggaa Kumaa*

1 Achiin duuba ergamaan Waaqaa dhibiin, ka
furtuu boolla qile'eetii fi wodaroo sibiilaa harkaa
qabu tokko ol-gubbaa irraa gadi bu'uun dhagge.
2 Inni jawwee qabee woggaa kumaaf hidhe;
jawween tun ta Diyaabiloos yookiin Seexana jed-
hantu, dhudhuufaa durii ti.
3 Haga woggaan kum tokko sun muummottutti,
akka jawween deebitee gosa biyya adda addaa
hin dokonkorsineef qile'etti isii qolaansee, itti
cufee chaappaa itti dhowe. Achiin duuba yennaa
diqqo'oof hiikamuu qaddi.
4 Kanaan duuba barcumoota mootumma'aa
dhagge; barcumoota mootumma'aa san irra
worri akka muruuf baalliin kennanteertu
tetee'eeraayyu. Akkasuma lubboota worra
marroo dhugaa baya Yesuusiitii fi Jecha
Waaqaatiif mormi kutamee dhagge. Isaan
bineensaaf yookiin fakkii bineensaatiif hin
saganne; adda yookiin harka ifii irratti beessisa
bineensa sanii hin godhanne. Isaanille du'aa
ka'anee Kiristoos woliin woggaa kuma tokkoof
mowan.
5 Worri du'e ka hafe ammoo, haga woggaan
kum tokko sun muummotutti du'aa hin kaane.
Kun du'aa ka'a qaraa ti.
6 Worri du'aa ka'a qaraa kana keessatti qooda
qabu worra badhaadhee fi worra woyyu'u. Duuti
lammeesso'oo isaan irratti baallii hin qaddu;

isaan hayyoota Waaqaatii fi Kiristoosii te'an; isa wolille'een woggaa kuma tokkoof mowan.

### *Seexanni Injifatame*

7 Yennaa woggaan kum tokko sun muummotte,
Seexanni addee itti hidhame sanii hin hiikama;
8 gosa biyya adda addaa ta maddii lafaa arfanuu keessa jirtu: Gosa Googiitii fi Maagoogii dokonkorsaa, lolaaf wolitti isaan qabiisaaf hin baya; laakkossi isaaniille akka maansa cinaa abbaaya'aa ti.
9 Isaan gara lafa maraa bayanee, addee kolbaan Waaqaa jirtuu fi qachaa Waaqaan jaalatame marsane; te'uu malee ibiddi ol-gubba'aa irraa bu'ee isaan nyaate.
10 Seexanni isaan dokonkorselle, addee bineensii fi raagichi dharaamessi jiranu, abbaayaa ibiddaa fi dhakaa bobe'uutitti qolaanfame. Isaaniille halkanii fi guyyaa, bara baraa haga bara baraa farran.

### *Muraa Muumme'ee*

11 Achiin duuba barcumaa mootumma'aa adi'ii fi ka isa irra te'eeru dhagge. Ol-gubba'aa fi latti isa duraa baqatane; addeelle isaaniif hin dhagganne.
12 Worri du'e diqqa'aa fi guddaan, barcumaa mootumma'aa san dura dhaabbateeruun dhagge; kitaabotille banamane. Kitaab dhibiille kitaab jiru'uu baname; akkuma kitaabota san keessatti barreeffamee jirutti, worra du'etti akkuma hujii isaaniititti murame.
13 Abbaayaan guddoolle worra du'e ka isii keessa jiru kennite; du'aa fi addeen worri du'e

jiru* worra du'ane ka isaan keessa jiranu ken-
nane; tokko tokkottuu akkuma hujii isaatitti itti
murame.
14 Achiin duuba du'aa fi addeen worri du'e jiru
abbaayaa ibiddaatitti qolaanfamane; abbaayaan
ibiddaa sun du'a lammeesso'oo ti.
15 Nami maqaan isaa kitaaba jiru'uu keessatti
bareeffamee hin dhaggamin marti abbaayaa ibid-
daatitti qolaanfame.

# 21

## *Ol-gubbaa Haareyaa Fi Lafa Haareya*

1 Achiin duuba ol-gubbaa haareyaa fi lafa
haareya dhagge; ol-gubbaan duriitii fi latti durii
dabaraneeran, abbaayaan guddoolle deebitee hin
jiraattu.
2 Qachaan woyyichi, Yerusaalemiin haaretti,
akka waajibittii dhirsa ifiitiif ifi seefattee,
qophoottee ol-gubbaa irraa Waaqa biraa gadi
buutuun dhagge.
3 Ani qoonqoo guddoo takkalle dhage'e; isiin
barcumaa mootumma'aa san biraa, «Kunoo, bul-
tumi Waaqaa ulfaataan odduu kolba'aa jira; kol-
baa wolille'een hin jiraata; isaanille kolbaa isaa
hin te'an. Waaqinuu isaan woliin le'a; Waaqa
isaaniille te'a.
4 Imimmaan duudii ila isaanii irraa haqa;
wonni durii waan dabarteertuuf, haganaa achi
duuti, yookiin gaddi, yookiin bootti, yookiin farri
hin jiraattu» jedhe.

* **20:13** *Addeen worri du'e jiru:* Mootummaan du'aa yookiin qileen yookiin si'ool **21:1** 2 Phex. 3:13

5 Ka barcumaa mootumma'aa irra tee'eeru
sunille, «Kunoo, ani waan mara haareya godha!»
jedhe; itti dabaleelle, «Jechi kun addatama'aa fi
dhugaa waan te'eef barreessi» naan jedhe.
6 Akkasuma, «Muummotte! Alfa'aa fi Omee-
gaan, jalqabaa fi muummeen ana; ka dheeboteef
madda bisaan jiru'uu irraa toluma kenna.
7 Ka injifatu, kana duudii hin dhaala; anille
Waaqa isaaf te'a, innille ilma naaf te'e.
8 Qoodi worra yara'aa, worra hin dhugeef-
fannee, worra battiyye'ee, worra nama ijjeesuu,
worra sagaagaluu, worra xanuu, worra waaqa
dharaa waaqonfatuutii fi worra dharaameyyi'ii
ammoo, abbaayaa dhakaa bobe'uutii fi ibid-
daatitti qolaanfamuu hin te'a. Kun du'a lam-
meesso'oo ti» naan jedhe.

### *Yerusaalemii Haareya*

9 Ergantoota Waaqaa torba, ta qorii torba ta
balaa muumme'ee torbaan guutanteertu harkatti
qabataneeranu keessaa tokkochi dhufee, «Koy;
haadha manaa ta Hoolichaa, waajibittii sitti mud-
hisa» naan jedhe.
10 Ayyaanalle'een gara gaara gudda'aa fi
dheera'aa tokko na geessee, qachaan woyyichi
Yerusaalem, ol-gubbaa keessaa Waaqa biraa gadi
bu'uun natti mudhise.
11 Qachaan sun ulfinna Waaqaatiin ifiisatti
jiraayyu; calalaqi isaalle akka dhakaa gatii
guddo'oo, akka Yaasphisii, qulqulluu akka cabbi'ii
ti.
12 Dalleya dhaka'aa gudda'aa fi dheeraa, ka
karra kudhanii lama qabu qaba; karroota san irra
ergantooti Waaqaa kudhanii lama dhaabbatanee

eegiisatti jiran; maqaan gosa Israa'elii ka kud-
hanii lamaaniituu irratti barreeffameera.
13 Karaa aduun baatuun karra sad, karaa oliitiin
karra sad, karaa gadiitiin karra sad, karaa aduun
seentuun karra saditti jira.
14 Dalleenni dhaka'aa ka qachaa sanii hundee
kudhanii lama qaba; isaan san irralle'etti,
maqaan ergantoota Hoolichaa ka kudhanii
lamaaniituu barreeffameera.
15 Ergamaan Waaqaa ka na woliin dubbatiisatti
jiru sun mikii* ulee worqi'ii ta ittiin qachaa, kar-
rootaa fi dalleya dhaka'aa miku qabaayyu.
16 Dheerinnii fi badhinni qachaa sanii haguma
tokko te'ee, maddii arfaniinuu wol qixxe'e;
ergamaan Waaqaa qachaa san ulee ittiin
mikanuun mikee, dheerinni isaa staadiyaa† kuma
kudhanii lama te'e; badhinnaa fi ol dheerinni
isaalle haguma san te'e.
17 Ergamaan Waaqaa dalleya dhaka'aa san
mike; yennaa ergamaan Waaqaa mike, waan it-
tiin mikanu ka beekkameen ciqilee dhibba tokkoo
fi afurtamii afur te'e.
18 Dalleenni dhaka'aa sun dhakaa Yaasphisiitiin
hujameera; qachaan sunille worqii qulloontee
akka daaw'iti'ii ca'a jetteen hujameera.
19 Hundeen dalleya qacha'aa dhakaa gatii
guddo'oo ka adda addaatiin seefameera.
Dhakaan gatii guddo'oo ka hundeen irra
dhaabbate sunille: ka qaraa Yaasphis, ka

---

* **21:15** *Mikii:* Ulee ittiin safaranu † **21:16** *Staadiyaa:* Staadiyaan waan dheerinna woyii beekiisaaf itti fayyadamanu; staadiyaan kum kudhanii lama kiiloomeetira kuma lamaa fi dhibba lama te'a

lammeesso'oo Safiiros, ka sadeesso'oo Kaalqedon, ka arfeesso'oo Simaaragidos,
20 ka shaneesso'oo sardoniikis, ka jayeesso'oo saardiyon, ka torbeesso'oo kirisoliixos, ka saddeetesso'oo beerilos, ka sagaleesso'oo tophaaziyon, ka kudhaneesso'oo kirisophiraasos, ka kudha tokkeesso'oo Hiiyaakinxos, ka kudha lammeesso'oo ametiisxos.
21 Karri kudha lamaanuu dooqa kudha lama qaddi; karri sunille tokko tokkonuu dooqa irraa hujameera; karaan qachaa sanii worqii qulqulluu akka daaw'itii ifa ifi keessa dabarsituutiin hujameera.
22 Waaqi Goottaan waan mara dande'uu fi Hoolichi Galma Waaqaa ka qachaa sanii waan te'aneef, qachaa san keessatti Galma Waaqaa ani hin dhaggine.
23 Ulfinni Waaqaa, qachaa saniif ifa waan kennuu fi Hoolichille ifa isaa waan te'eef, qachaa saniif aduun yookiin jiin akka issuuf hin barbaachisu.
24 Gosi biyya adda addaa ifa qachaa sanii keessa deddeeman; moototi lafaalle karra ifii ta ulfinnaa gara qachaa sanii fidan.
25 Halkan achi waan hin jirreef, karri qachaa sanii guyyaa tokkolle hin cufantu.
26 Ulfinnii fi guddinni gosa biyya adda addaa gara qachaa kanaa galan.
27 Worra kitaaba jiru'uu, ka Hoolichaa keessatti barreeffame malee, worri battii hujuu fi worri dhara dubbatu duudiin itti hin galu.

# 22

## *Laga Jiru'uu*

1 Achiin duuba ergamaan Waaqaa laga bisaan
jiru'uu, ka akka cabbi'ii calalaqu, barcumaa moo-
tummaa Waaqaatii fi Hoolichaa irraa yaa'uun
natti mudhise.
2 Lagi sunille hodhicha guddicha qachaa sanii
wodhakkaa lola'iisatti jiraayyu. Laga san gamaa
fi gamana muki jiru'uu jira; muki kun wogga'atti
yennaa kudha lama waan midhaan buusuuf,
ji'uma ji'aan midhaan irraa dhaggama. Baalli
muka kanaalle ka gosi biyya adda addaa ittiin
fayyitu.
3 Haganaa achi wonni Waaqaan abaaramu
tokkolle achitti hin dhaggamu. Barcumaan
Waaqaatii fi Hoolichaa qachaa san keessa jiraata;
tajaajiltooti isaalle isa waaqonfatan.
4 Isaan fuula isaa hin dhaggan, maqaan isaalle
adda isaanii irratti hin jiraata.
5 Haganaa achi halkan hin jiraatu; Waaqi Goot-
taan ifa isaanii waan te'uuf, ifi issa'aa, yookiin ifi
adu'uu isaaniif hin barbaachisu. Isaan bara baraa
haga bara baraatitti hin mowan.

## *Deebi'ee Dhufiisa Yesuusii*

6 Ergamaan Waaqaalle, «Jechooti kun ka ad-
datamanee fi dhugaammeyyi'i. Waaqi Goottaan
Ayyaanota raagotaaf kennu, waan dhiko'otti te'u,
tajaajiltoota ifiititti mudhisiisaaf, ergamaa ifii
ergeera» anaan jedhe.

7 Yesuusille, «Kunoo, ani dafee hin dhufa; nami
jecha raagaa, ka kitaaba kanaa eeggatu, ka bad-
haadhe» jedhe.

8 Ka waan kana dhage'ee fi dhagge, ana Yohaan-
nis. Yennaa waan kana dhaggee fi dhage'e,
ergamaa Waaqaa ka waan kana natti mudhiseef
sagadiisaaf, miila isaatitti gadi jige.
9 Inni ammoo, «Lakkii! Waan akkasii godhuu hin
qaddu! Ani si'ii fi obboleeyyan teeti raagotaa fi
worra jecha Kitaaba kanaa eeggatu maraa woliin
tajaajila'a; Waaqaaf sagadi» naan jedhe.
10 Itti dabaleelle, «Yennaan waan geetteertuuf,
jecha raagaa, ka Kitaaba kanaa chaappa'aan hin
cufin.
11 Ka hantuu huju, ittuma hujuu ti; battichille it-
tuma battowuu ti; balchaalle ittuma balchoomuu
ti; woyyichille ittuma woyyoomuu ti» jedhe.
12 «Kunoo, ani dafee hin dhufa! Nama tokko
tokkoofuu gatii akkuma hujii isaatitti kennulle
qabadheera.
13 Alfa'aa fi Omeegaan, ka duraatii fi ka duubaa,
ka jalqabaatii fi ka muumme'ee ana.»
14 Muka jiru'uu irraa midhaan nyaatiisaa fi
karaa karraatiin gara qachaa sanii seeniisaaf,
akka haqa* qabaatu, worri woyaa ifii dhiqatu ka
badhaadhe.
15 Worri sareeleen, worri xanu, sagaagaltooti,
worri nama ijjeesu, worri waaqa dharaa
waaqonsu, worri dhara jaalatuu fi sobu mara
ammoo alatti hafa.
16 «Akka dhugaa baya tana isiniif kennuuf, ani
Yesuus ergamaa kiyya wolde'oota kiristaanaatiif
ergeera; ani hiddaa fi sanyii Daawitii ti; ani
bakkalcha bari'ii ifaalessa.»

* **22:14** *Haqa:* Midda, mirga

17 Ayyaanaa fi waajibittiin, «Koy» jedhan; ka
dhage'ulle, «Koy» jedhuu ti; ka dheebote mara
dhufuu ti; ka barbaadulle mara bisaan jiru'uu
toluma fudhatuu ti.
18 Ani nama jecha raagaa, ka Kitaaba kanaa
dhage'u mara ifi eeggachiisa; eennulle jecha kana
irratti waan tokkolle yoo ede'e, Waaqi balaa Ki-
taaba kana keessatti barreeffame isatti ede'a;
19 eennulle jecha raagaa ka Kitaaba kana
keessatti bareeffame keessaa waan tokkolle yoo
dhidhise, Waaqille muka jiru'uutii fi qachaa
woyyicha kitaaba kana keessatti barreeffamane
keessaa qooda isaa dhidhisa.
20 Ka waan kana dhugaa bawu, «Ee, dafee hin
dhufa» jedha.

Ameen! Goottaa Yesuus, koy.
21 Badhaadhi Goottaa Yesuusii, kolbaa Waaqaa
woliin jiraatu. Ameen!

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.

You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.

Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 19 Dec 2025 from source files dated 2 May 2025

61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e